



Cabiinsa uumameef beekamtii kennuufi suphuun dhimma murteessaadha

- Koreen Giddugaleessaa Paartii Badhaadhinaa Obbo Dammaqaa Makonnin kabajaan gaggeesse

Rippooportara Gaazeexichaan

Finfinnee: Cabiinsa imala bulchiinsaa Itoophiyaa keessatti mudateef beekamtii kennuufi tarsiimoowwan suphuu

dandeessisan bocee hojiirra oolchuuf cimee kan hojjetu ta'uu Koreen Giddugaleessaa Paartii Badhaadhinaa ibse. Korichi Obbo Dammaqaa Makonnin kabajaan itti gaafatamummaasaaniirraa gaggeessuun

bakkasaaniitti Obbo Tamasgeen Xuruna filateera. Korichi sanada mataduree, "Caba suphuu, dhalootaaf amanamuu" jedhurratti dhimmoota wayitaawoo biyyaaleessaafi idiladdunyaarratti

Gara fuula 14tti



"Maatiin mootummaafi ummata naannichaatti amanee ijoolleessaa gara naannichaatti erge"

- Mootummaa Naannoo Amaaraa

fuula 2



Rakkoo Itoophiyaatiif mariin hunda hirmaachise furmaata

Waaqshuum Fiqaaduutiin

Finfinnee: Akkuma rakkoon Itoophiyaa bal'aa ta'e furmaannisaas hirmaannaa hawaasa bal'aa fedha. Hanguma hawaasni

Gara fuula 14tti

"Itoophiyaan walittihidhamiinsa dinagdee uumuuf kutannoon hojjechaa jirti"

- Obbo Taaggasee Caafoo

Waaqshuum Fiqaaduutiin

Finfinnee: Itoophiyaan biyyoota Afrikaa Bahaa faana walitti hidhamiinsa dinagdee uumuun fayyadamummaa waloo mirkaneessuuf kutannoodhaan hojjechaa jiraachuu Afyaa'iin Mana Maree Bakka Bu'oota Ummataa Obbo Taaggasaa Caafoo ibsan.

Obbo Taaggasaan haasaa Agarsiisa Horsiisee Bultoota Afrikaa Bahaa kaleessa Finfinnee, galma Barkumeetti banamerratti eegalamerratti taasisaniin, agarsiisichi walittihidhamiinsi biyyoota kunneenii hangam akka cimeefi agarsiistuu obbolummaa daangaa hinqabnee ta'uu hubachiisaniiru. Duudhaa guddaa kanaan

Gara fuula 14tti



ODUU

“Maatiin mootummaafi ummata naannichaatti amanee ijoolleessaa gara naannichaatti erge”

- Mootummaa Naannoo Amaaraa

Waaqshuum Fiqaaduutiin

Finfinnee: Maatiin mootummaafi ummata naannichaa amanatee ijoolleessaa gara yuunivarsiitiwwan naannichaatti waan ergeef qaamoleen lachuu dirqamasaanii ba'achaa jiraachuu Biirtoon Kominikeeshinii Naannoo Amaaraa beeksise.

Hogganaan biirichaa Doktor Mangashaa Faantaawu Roobii darbe Dhaabbata Pireesii Itoophiyaaf akka ibsanitti, osoo qaamoleen badii badiisa labsanii ayyaanotni Qillees ta'e Cuuphaa rakkoo nageenyaa tokko malee bakka daawwatootni biyya keessaafi alaa akkasumas ummatni naannichaa bal'inaan argamanitti kabajame.

Barattoonni gara yuunivarsiitii naannichaa akka hin deemneef qaamoleen kun olola sodaafi doorsisaa osoo tamsaasuu maatiin mootummaafi ummata naannichaa amanuun ijoolleessaa gara yuunivarsiitiwwan naannichaatti ergeera. Ijoolleen kunneenis rakkoo nageenyaa tokko malee ummata naannichaatiin simatamanii mooraa barnootaa seenaniiru. Yuunivarsiitiwwan

hafanis guyyoota muraasa booda kallattii mootummaan kaa'een barattoota kan waaman ta'a.

Ummatni naannichaa hundarra nagaa fedha kan jedhan Doktor Mangashaan; utuma finxaaleyyiin akka namni ba'ee ayyaana kamuu hinkabajneef dhaadatanuu dargaggootni naannichaa garuu waan nageenya barbaadaniif ayyaanonni Qilleefi Cuuphaa haala nama ajaa'ibuun akka kabajaman taasisuusaanii himaniiru. Tumsa dargaggootni kunneen taasisaniifis galateeffataniiru.

Hojii ammaan tana ummanni naannichaa nageenya waareessuu taasifamaa jiru keessatti qaamolee nageenyaa tumsuun cinatti olola diinaa moggaatti dhiisuun misoomarratti bobba'ee jiraachuu ibsaniiru. Raayyaan Ittisa Biyyaas qaamolee nageenyaa naannichaa walta'uun harcaatuu diinaa gufuu misoomaafi nageenyaa taate tokko tokkoon funaanee seeratti dhiyeessaa akka jiru yaadachiisaniiru.

Akka isaan jedhanitti, qaamni badii kun simannaa waggaa haaraa Itoophiyaa jechuunis Fulbaanatti sochii naannichaa



Doktor Mangashaa Faantahuu

hunda hojii ala taasisee ture. Har'a garuu barbadaa'uusaan olola miidiyaa hawaasaatiin oofuurraa kan hafe qabatamaan dhiibbaan uumaa jiru hin jiru. Kanarraa ka'uun harcaatuunsaa hojii saamichaarratti bobba'ee jira. Bakka qaamoleen nageenyaa hin jirretti darbee darbee sochii ugguraa jira.

Qaamni kun qaama garajabeessaafi gidiraa ummataaf dantaa hinqabneedha jedhani; yeroo ammaas hawaasa bakkeewwan tokko tokkotti deggersa mootummaan beela hamaaf saaxilameef taasisu butaa jiraachuu dubbataniiru. Qaamni kun raabsa xaa'oo ugguruuf yaalus tumsa qaamolee nageenyaaafi ummata naannichaan fashalaa'uu eeraniiru.

Xaa'oo kuntaalli miliyoona ja'a biyya keessa galeera

Gammachuu Kadiriin

Finfinnee: Bittaa xaa'oo bara 2016/2017 taasifame keessaa hanga ammaatti xaa'oo kuntaalli miliyoona ja'a biyya keessa galuu Ministeerri Qonnaa ibse.

Ministeerichatti Raawwachiisaan Hojii Qunnamtii Ummataa Obbo Kabbadaa Laaqawu Roobii darbe Dhaabbata Pireesii Itoophiyaaf akka ibsanitti, bittaa xaa'oo taasifame keessaa hanga ammaatti kuntaalli miliyoona ja'a biyya keessa galeera. Qonna jal'isii bonaa, arfaasaafi gannaa dabalatee waliigalaan bittaa xaa'oo kuntaala miliyoona 19.4 raawwatameera.

Akka ibsasaaniitti, rakkoo raabsii xaa'oo baroota darbanii sirreessuun adeemsi bittaafi raabsa xaa'oo baranaa fooyya'eera. Bittaafi geejjibsiisuun xaa'oo barana dafee eegaluun ariitiin raabsamaa jira.

Ammaan tana xaa'oon bitames qonnaan bulaa bira karaa yuuniyeeniifi waldaalee



Xaa'oo raabsamaa jiru

qonnaan bulaa akka qaqqabuuf qajeelfamni qophaa'ee hordoffiifi to'annoo cimaan gaggeeffamaa jira. Yeroo ammaa kana qonna jal'isii bonaa, arfaasaafi gannaaf mankuusaa xaa'oo giddugaleessaarraa qonnaan bulaaf raabsamaa jira. Xaa'oon bitamee biyya keessa galeefi kan bara darbees waan jiruuf dhiyeessiin xaa'oo ga'aa jiraachuus ibsaniiru.

Dabalataanis, dhaabbilee dhuunfaa

eeyyama dhiyeessii Abbaa Taayitaa Qonna Itoophiyaarraa argataniifi mootummaan walta'uun keemikaala farra aramaafi ilbiisaa ga'aa jiraachuu ibsaniiru.

Raabsi xaa'oo qonna qamadii bonaa baranaa akka biyyaatti lafa hektaara miliyoona sadii facaasuun callaa kuntaala miliyoona 117 argachuuf hojjetamaa jiraachuu himanii; hanga Amajjii 13tti naannolee hundatti lafti

hektaara miliyoona 2.9 qotameera. Kan qotame keessaas lafti hektaarri miliyoona 2.8 sanyiidhaan uwwifamuu ibsaniiru.

Haaluma walfakkaatuun Hogganaa Ittaanaan Biirtoon Qonna Oromiyaa Obbo Bariisoo Fayyisaas ibsa Kamisa darbe Dhaabbata Pireesii Itoophiyaaf kennaniin akka ibsanitti, raabsi xaa'oo naannichaa qajeelfama "Mankuusa keenya qonnaan bulaadha" jedhuun kallattiin qonnaan bulaaf raabsamaa jira. Haaluma kanaan bittaa xaa'oo sadarkaa biyyaatti raawwatamerraakuntaallimiliyoona 3.1 mankuusa naannichaa dhaqqabeera. Qonnaan buloota qonna qamadii bonaa facaasaniif akkasumas kuduraafi muduraa omishaniif dursi kennamee xaa'oon karaa yuuniyeenotaafi waldaalee bu'uura qonnaan bulaaf raabsamaa jira jedhaniiru.


Qonna arfaasaafi gannaafis yeroosaa eeggatee raabsi xaa'oo akka taasifamu eeranii; qonna qamadii bonaafis xaa'oon kuntaala miliyoona 1.1 raabsamuu ibsaniiru.

"Qonni magaalaa akkuma qonna baadiyyaa xiyyeeffannaa argachuu qaba"

Natsaannat Taaddasaatiin

Jimma: Qonni magaalaa waggoota shanan darbanii as xiyyeeffannaa argatee haala gaariidhaan adeemsifamaa jira. Qonni magaalaa yeroo gabaabaa keessatti jijjiirama gaarii agarsiisaa, jiraattota magaalaa fayyadamoo taasisaa jiraachuu Waajjirri Qonna Magaalaa Jimmaa ibse.

Ittigaafatamaan waajjirichaa Obbo Abdullaziiz Jamaal akka torban darbe garee gaazexeessitoota Dhaabbata Pireesii Itoophiyaa magaalichatti argamanitti himanitti, hojiin qonna magaalaa keessumaa waggoota sadii as xiyyeeffannaa argatee hojjetamaa jira. Hojiin qonna magaalattii



Obbo Abdullaziiz Jamaal

horsiisa lukkuu, horsiisa loowwan aannanii, sangaa furdisuu, omisha dammaafi kuduraaleefi fuduraalee adda addaa omishuuratti xiyyeeffachuun adeemsifamaa



Obbo Najiib Abbaa

jira.

Hojichi tibba bonaafi gannaa adeemsifamaa jiraachuu himanii, kunis wabii nyaataa mirkaneessuurra darbee dargaggootaaf

- Obbo Abdullaziiz Jamaal

carraa hojii bal'aa uumaa waan jiruuf akkuma hojii qonna baadiyyaatti xiyyeeffannaa addaa argachuu qaba.

Hojiin qonna magaalaa lafa xiqqaarratti hojjetamus omisha guddaa argamsiisuun fedhiifi dhiyeessiin akka walsimu taasisuudhaan qaala'ina gatii gadi buusuu keessattis gahee olaanaa kan qabu ta'uu himanii, jiraattotni magaalaa baay'een hojicharratti hirmaachuun fayyadamaa jiraachuu himaniiru.

Karoorra qonna jallsii barana akka Oromiyaatti qabame dhugoomsuuf

Gara fuula 13ti

Ijoo Dubbii

Misooma horsiisee bulaa badhaadhina walootiif

Seenaa biyya kanaa keessatti baruma dhufaa darbaa dagatamee kan ture hawaasni horsiisee bulaa, yeroo ammaa akka damee murteessaa dinagdee biyyaatti ilaalamuu eegaleera. Kana qofa osoo hintaane, keessumaa jijjiiramaa as tarkaanfiiwwan jiruufi jireenya hawaasa horsiisee bulaa fooyyessan fudhatamaa jiru.

Sochii akka Oromiyaatti taasifamaa jiru yemmuu ilaallu, horsiisee bulummaan mala jireenyaa lafa baldhaafi ummata hedduu kan uwwisuudha. Godinaalee sagal, aanaalee 45fi gandoota 860 keessatti namoonni miliyoona shan caalan jiruufi jireenyasaanii guutumatti ykn gartokkeedhaan horsiisee bulummaarratti hundeeffataniiru.

Lafii %43fi beelladni %40 naannichumatti argamu. Hawaasni baldhaan kun osoo humna dinagdee ta'uu qabuu, baroota dheeraaf rakkoo hamaa keessa turuuf dirqamee ture. Lafa baldhaafi mataa beelladaa hedduu lakkaa'us, faayidaan argachaa ture daran gadaanaadha.

Naannichi rakkoo hawaasni horsiisee bulaan qabuufi haala qilleensaarratti hundaa'ee mudatu hunderraa furuuf bu'uraalee misoomaa kanneen akka; kilinikii fayyaa beelladaa, daandii, manneen barnootaa, mankuusa margaa, hidha jallsii ammayyaafi kanneen biroo hojjechuun abbootii warraa kuma 138 ol fayyadamaa taasisuun danda'ameera. Kun immoo xiyyeeffannoo waggoota shanan darbanitti damee kanaaf kennameef agarsiiftuu guddaadha.

Waggoota muraasa darbanitti rakkoo qilleensaatiin walqabatanii uumamaa turan keessatti miidhamaan duraa hawaasa horsiisee bulaa ta'uun sirriitti hubatamee hojjiin dursanii balaa qolachuufi erga uumamee booda immoo sochii deeggarsaafi dandamannaa hawaasichaaf taasifames waan guddaadha. Kanaafis sosochii deeggarsa hawaasa horsiisee bulaa Booranaa hanqina roobaatiin miidhamee ture deeggaruuf taasifame yaadachuun gahaadha.

Yeroo ammaattis ta'e kanaan dura rakkoon hawaasa horsiisee bulaa inni ijoon hanqina nyaata beelladaafi dhiyeessii bishaanii ta'uun waan haalamuu miti. Haa ta'uu malee rakkoo kana waljalaa furuuf hanga barbaadamu hojjechuu dhabuun rakkiniha hammeesseera.

Xiyyeeffannoo waggoota muraasa as akka mootummaatti dhimma kanaaf kennameen garuu pirojekttonni guguddoon hawaasa horsiisee bulaaf faayidaa olaanaa kennan hojjatamaa kan jiran yemmuu ta'u, hawaasichi horsiisa loonii qofarratti akka hirkatee hinjiraanneef oyruu qaburratti qonna sirna nyaataa maatiisaa akka mirkaneessuuf leenjiiwwan gara garaa kennamaa turaniiru.

Kanaanis yeroo ammaa rooba gannaa kuufachuudhaan kuduraafi mudura qe'eesaatti omishuurra darbee, hanga hidha jallsiitti fayyadamuudhaan oyruu bal'aarratti qamadii dabalatee sanyiiwwan gara garaa omishaa jira.

Akka Oromiyaa qofatti pirojekttonni finnaa guguddoon 73 hawaasa horsiisee bulaaf hojjetamuuf karoofaman keessaa yeroo ammaatti 35 qarshii biiliyoona 10n ijaaramaa jiran saffisaan xumuramanii hawaasa akka tajaajilaniif xiyyeeffannoon hojjetamaa jira.

Torbeen horsiisee bulaa sadarkaa biyyaafi naannootti barana yeroo 19ffaaf kaleessaafi dursanii kabajamanis rakkoo damichaa hanga ammaatti furmaata hinargannerratti xiyyeeffachuudhaan hanqinoota raawwii projektotaarratti mul'atan si'aayinaan hiikamanii gara tajaajilaatti akka galaniif haala kan miyeessu ture jechuun ni danda'ama.

Keessumaa torbeen horsiisee bulaa biyyaalessaa barana haala addaatiin, karaa hawaasa horsiisee bulaa biyyoota Gaanfa Afrikaa hunda walitti hidhuu dandeessisuun kaleessarraa kaasee Finfinneetti kabajamaa jira.

Egaa oggaa haala waliigalaatiin ilaalamu, xiyyeeffannoon waggoota shanan darbanitti hawaasa horsiisee bulaafi naannawichaaf kenname daran abdachiisaafi jabaatee ittifufuu qabuudha. Pirojekttonni jiruufi jireenya hawaasa kanaa ni fooyyessu jedhamanii eegalamanis yeroodhaan akka xumuramaniif hordoffiin addaan hin citne taasifamuu qaba. Kun taanaan misoomni naannawa hawaasa horsiisee bulaa sababa bu'ura badhaadhina waloo hintaaneef hin qabu.

Yaada



“Rakkoon bishaan dhugaatii keenya furmaata dhabe”

- Jiraattota Magaalaa Boongaa

Natsaannat Taaddasaatiin

Boongan magaalaa guddittii Bulchiinsa Mootummaa Naannoo Ummattoota Itoophiyaa Kibba Lixaati. Magaalattiin rakkoo bishaan dhugaatii hamaa yeroo dheeraa lakkoofsiseef saaxilamtee jiraachuu dubbatu jiraattonni magaalattii.

Gareen gaazexeessitoota Dhaabbata Piresii Itoophiyaa dhimma hojiiif gara magaalattiitti imales rakkoo bishaan dhugaatii jiraattonni magaalattii kaasan qaamaan argamee argeera.

Adeemsiisaan Hojii Hoteela Shaaloom Dargagoo Abeenezar Adaalee akka jedhutti, rakkoon bishaan dhugaatii Magaalaa Boongaa industirii hoteelaarratti dhiibbaa guddaa uumaa jira. Hoteelichi walakkeessa magaalattii ganda 02 keessatti agamus dhiyeessa bishaanii hinqabu. Rakkoon bishaanii kun kenniinsa tajaajila keenyarratti dhiibba guddaa uumaa jira.

Hoteelichi erga tajaajila kennuu jalqabee waggaa afur ta'uufi bishaan bakka jiruu baajaajii ykn konkolaataadhaan bitee dhiyeessaa jiraachuu himee, rakkoon bishaanii kun hoteelicha qofa utuu hintaane jiraattota magaalattiis daran miidhaa jiraachuu dubbata.

Akka Abeenezar jedhutti, hoteelichi abbaa darbiifi sadii kutaa ciisichaa 30 qabu yoo ta'u, bishaan kutaa ciisichaaf barbaachisu jaarikaaniidhaan dhiyaachaa jira. Abbaan qabeenyaa hoteelichaa gaaffii rakkoo bishaanii kana irra deddeebiin qaama dhimmi ilaallatuuf dhiyeessanis hanga ammaatti deebii argatan hinqaban. Qaamni sababa rakkoo bishaanii kana ibsuufi furu hinargamne.

Industiriin hoteelaa dhiyeessa bishaanii gahaa barbaada kan jedhu Abeenezar, hoteelichi guyyaatti bishaan jaarikaanii abbaa liitirii 200 ol bitee ittifayyadamaa jira. Hoteelicha qulqulleessuufi nyaata qopheessuunis bishaan gahaa barbaada. Kana ammoo nama hojicha keessa jirutu beeka jedha.

Abbaan qabeenyaa hoteelichaa waa'ee rakkoo bishaanii kana yeroo gara garaa irra deddeebiin qaama dhimmii ilaallattutti

iiyyatanis deebii argatan hinqaban kan jedhu Abeenezar, yeroo tokko kantiibaan magaalattii deebii, “Yoo barbaaddan hoteelicha cufaa, yoo cuftan waanti nutti hafu hinjiru, isinumatu miidhama” jedhu kennuufi dubbatu.

Maamiltoonniisaanii baay'een akka 'shaaworiin' hinjirre hubatan dhiisanii deemaa jiraachuu himee, rakkoon bishaanii kun tajaajila hoteelaarrattis ta'e fayyaarratti dhiibbaa guddaa waan qabuuf furmaata hatattamaa kan barbaadu ta'uu dubbata.

Obbo Arraagaa Alamaayyoo Magaalaa Boongaatti jiraataa ganda 01ti. Akka isaan jedhanitti, magaalattiitti dhiyeessi bishaan dhugaatii jira jechuun hindanda'amu. Jiraattonni magaalattii bishaan roottoofi jaarikaaniidhaan dhiyaatu bitanii ykn burqituu waraabataniitti ittifayyadamaa jiru.

Magaalattiin utuma bishaaniin marfamtee jirtuu rakkoo bishaan dhugaatiiif saaxilamuun sirrii miti. Otoo boolli bishaanii qotamee bishaan dhiyeenyatti argama jechuunis ibsu.

Rakkoon bishaan dhugaatii keenya yeroo dheeraa lakkoofsisis hanga ammaatti furmaata hinarganne kan jedhan Obbo Arraagaan, jiraattonniifi abbootiin hoteelaa waltajjii argatanirratti gaaffii rakkoo bishaan dhugaatii irradeddeebiin kaasaa turanis hanga ammaatti deebii kan hinarganne ta'uu dubbatu.

Ani guyyaatti bishaaniif yoo xiqqaate qarshii 100n baasa kan jedhan Obbo Arraagaan, bishaa jaarikaanii abbaa liitira 20 qarshii 10n bitanii ittifayyadamaa jiraachuu dubbatu.

Deebiin qaama mootummaarraa nuu kennamu “Bajadni qabameera ni hojjetama” kan jedhu ta'uufi qabatamaan waanti hojjiin mul'atu garuu akka hinjirre eeru.

Sababa rakkoo bishaan dhugaatii Magaalaa Boongaafi mala furmaatasaa kantiibaafi qaama dhimmi ilaallatu dubbisuuf yaalii taasifnus yeroof argachuu waan hindandeenyeef gara fuulduraatti qaama dhimmichi ilaallaturraa yoo deebii arganne kan dhiyeessinu ta'a.



Bariisaan

Guraandhala bara 1969 hundaa'ee.

Torbanitti al tokko, guyyaa Jimaataa,

Dhaabbata Piresii Itoophiyaatiin maxxanfamaa ture. Waxabajjii

1,2011 irraa eegalee Sanbata maxxanfamaa jira.

Hoji Gaggeessaa Olaanaa Dhaabbata Piresii Itoophiyaa
Lakk. bilbilaa - 011-126-42-22
Email :- epa@press.et

Gulaalaan

Charinnat Hundeessaa

Lak.Bilbilaa 011-126-42-08

chhundessa@yahoo.com

email-cherenethundessa@press.et

Teessoon:Kutaa Magaalaa Nifas Silki Laaftoo

Qopheessitootni:

Saamraawit Girmaa

Natsaannat Taaddasaa

Bayyanaa Ibraahim

Waasihuun Takilee

Adeemsiisaa Hojii

Bil. 011-126-42-22

Kutaa Beeksisaa:

Bil. 011-156-98-73

Raabsa Gaazexaa

Bil.011-157-02-70

Faaksii Kutaa Qophii

251-011-1-5698-62

L.S.P 30089

email-bariisaa@press.et



Ethiopian Press Agency

ODUU

Godina Jimmaatti qamadiin bonee lafa hektaara kuma 445 irratti misoomaa jira

Taammiruu Raggaasaatiin

Finfinnee: Godina Jimmaatti barana lafa waloo hektaara kuma 445 qamadii bonee jal'isiin misoomuu Waajjirri Qonna Godinichaa beeksise. Misooma qamadii kanaanis namoota kuma 32f carraan hojii uumamuu ibsameera.

Ittigaafatamaan waajjirichaa Obbo Mahammadxahaa Abbaafiixaa ibsa torbee darbe Dhaabbata Pireesii Itoophiyaaf kennaniin akka jedhaniitti, barana lafa hektaara kuma 400 jallisii qamadii boneetiin misoomsuuf karoofamee, karoora ol lafa hektaara kuma 445 misoomsuun danda'ameera. Lafa misooma kanarraayis callaa kuntaalli miliyoona 16 ni argama jedhamee eegama.

Godinichatti misoomni qamadii bonee waggaadhaa gara waggaatti dabalaa jira jedhani, bara 2012 aanaa godinichaa tokkotti lafa hektaara 50, bara 2013 aanaalee 20ratti hektaara kuma 30, bara 2014 hektaara kuma 65, bara darbe ammoo lafti hektaara kuma 317 qamadii jallisii boneetiin misoomuu ibsaniiru.

Milkaa'inoota baroota darbanii kaasee hanga baranaatti argamaniif qonnaan bulaa misooma dheebote, haala agro Ikoloojii bal'aa misooma jallisii boneetiif mijataa qabaachuufi hojiiileen deeggarsaa mootummaa naannichaa hanga gaggeessitootaafi dhaabbilee gandaatti jirani sababoota ijoo ta'uu Obbo Mahammadxahaan eeraniiru.

Godinichi misooma qamadii jallisii boneetif poteenshaala guddaa qaba jedhani, maddeen bishaanii jallisii aadaafi jallisii ammayyaatiif oolan, laggeen guguddoofi burqaawwan hedduun jiraachuu ibsaniiru.



Obbo Mahammadxahaa Abbaafiixaa

Hojiin makaanaayizeshinii qonnaa godinichatti hojjetamaa jirus milkaa'inichaaaf shoora olaanaa taphachaa jiraachuu dubbatanii; tiraaktaroota 1,260 fayyadamuun karooricha milkeessuun kan danda'amu ta'uu ibsaniiru. Lafa misooma keessaayis %62 tiraaktaraan kan qotame ta'uu eeraniiru.

Dhiyeessii paampii bishaaniin walqabatee, kanaan dura paampiiwwan kuma 5,028 kan turan yommuu ta'u, barana paampiiwwan kuma 1,020 dabalataan dhiyeessuun walumaagalatti paampiiwwan kuma jahaa oliin hojiin misooma qamadiif oolaa jiraachuu dubbataniiru.

Qonnaan buloota omishicharratti bobba'anif sanyii filatamaan kuntaala kuma 65 ol kan dhiyaate ta'uus Obbo Mahammadxahaan ibsaniiru. Ji'a kana keessaa hojiin omishicha kunuunsuufi keemikaala farra aramaa fayyadamaa jiraachuu ibsaniiru.

Faayidaan dinagdeefi hawaasummaa pirojektota guguddoo olaanaadha

Gammachuu Kadiriin

Finfinnee: Pirojektotni guguddoon biyyattiitti ijaaramaniifi ijaaramaa jiran faayidaan dinagdeefi hawaasummaasaanii olaanaa ta'uu Hayyuun Dinagdee Yunivarsitii Walaayittaa Sooddo Obbo Solomoon Kabbadaa ibsan.

Obbo Solomoon, Roobii darbe Dhaabbata Pireesii Itoophiyaaf akka ibsanitti, pirojektotni guguddoon biyyattii omishaafi omishitummaa guddisuu, hoji dhabdummaa hir'isuufi ce'umsa qonarraa gara industiriitti taasifame saffisiisuu keessatti shoorrisaanii olaanaadha.

Akka ibsasaaniitti, pirojektotni guguddoon ijaarsisaanii xumurame namoota kumaatamaan lakkaa'amaniif carraa hojii bananiiru. Kanneen ijaarsarra jiranis namoota hedduuf carraa hojii banuun hoji dhabdummaa haalaan xiqqeessaa jiru. Carraa hojii qofa osoo hintaane walitti dhufeenyi hawaasaa uumanis daran olaanaadha.

Pirojektotni kunneen meeshaalee alaa galan biyyuma keessatti omishuun baasii sharafa alaa hanbisuu qofa osoo hintaane qisaasama yeroo daran xiqqeessuu akka danda'an himanii; kan duraan meeshaalee alaa galchuuf hanga baatiiwwan ja'aa gaafataa ture ammaan tana meeshaalee sadarkaasaanii eeggatan biyya keessaa argachuu kan dandeessisan ta'uus ibsaniiru.

Pirojektota kunneen keessaa tokko kan ta'e hidha Laga Abbayyaa humna elektiriikaa maddisiisuun fedhii humna industiriwwan biyyattii guutuu bira darbee sharafa alaa argamsiisuurratti gahee guddaa qabaachuu dubbatanii; industiriwwan biyyattii humna gahaa argataniin omishitummaan dabalaniifi sharafni gurgurtaa humna elektiriikaarraa argamu guddina dinagdee biyyattii daran kan saffisiisu ta'uu tarreessaniiru.

Keessumaa hanqina omishaafi omishitummaa



Obbo Solomoon Kabbadaa

biyya keessaa gama qonnaatiin jiruun dhiyeessii teknoloojii qonnaa (xaa'oo makaanaayizeeshinii) si'eessuun omisha yeroo dheeraa fudhatu yeroo gabaabaa keessatti baay'inaafi qulqullinaan omishuuf gumaatni pirojektota guguddoo olaanaa ta'uus ibsaniiru.

Qonna jallisiirratti mala qonna makaanaayizeeshinii deeggaramu fayyadamuun waggaatti si'a lamaafi sadii omishuun fedhii midhaan nyaataa biyyattii akka guutu ni taasisa. Kan fedhii biyya keessaarraa hafe ammoo gabaa alaatiif erguun hanqina sharafa alaa jiru furuuf kan oolan ta'a jedhan.

Fuulduratti pirojektota kunneenitti fayyadamuun xaa'oo biyya keessatti omishuun dafee qonnaan bulaa akka qaqqabu taasisuurra darbee baasii xaa'oo alaa galchutti ba'u hambisuun qonnaan bulaan gatii madaalawaan akka bitatuuf carraa uuma jechuun ibsan.

Omishaalee pirojektota guguddoo biyyoota ollaatti gurguruun hariiroo dinagdee uumuurra darbee walittidhufeenyaa dippilomaasii Itoophiyaa akka cimsus himanii; guddinni dinagdee uumamu sadarkaa idiladdunyaattis maqaa gaarii biyyattii akka olkaasu ibsaniiru.

Omishni qamadii bonaa jiruufi jireenya keenya fooyyessaa jira"

- Qonaan buloota Aanaa Gannas

Natsaannat Taaddasaatiin

Tarcaa: Daawuroon godinaalee Bulchiinsa Naannoo Ummattootta Itoophiyaa Kibba Lixaa ja'an keessaa tokko.

Godinichi aanaalee 10 kan qabu yoo ta'u, isaan keessaa aanaaleen Isaraa, Gannaa, Toccaafi Maariitti omishni qamadii bonaa bal'inaan adeemsifamaa jiraachuu Qajeelchi Misooma Qonnaafi Eegumsa Naannawa godinichaa beeksise.

Ittigaafatamaa Ittaanaan qajeelchichaa Obbo Taaddasaa Uumaa dheengadda garee gaazexeessitoota Dhaabbata Pireesii Itoophiyaa kilaastara qamadii bonaa Aanaa Gannaa, Ganda Diilaamoo Maaraqaafi Arsee Ofaa daaw'atetti akka himanitti, qonni qamadii bonaa godinichatti erga jalqabamee waggaa sadii ta'eera. Bara jalqabaa lafti hektaara 63 bara darbe lafti hektaara 178.5 omisha qamadii bonaatiin uwwifamuu himaniiru.

Akka godinichaatti barana lafa hektaara kuma sadiifi 545 omisha qamadii bonaatiin uwwisuuf karoofatanii hojjechaa jiraachuu himanii, hanga ammaatti lafti hektaara 900 omishichaan uwwifamuufi galteen qonnaas



yeroodhaan ibsaniiru.

Bardheengaddaa omisha qamadii bonaa lafa hektaara tokkorraa callaan qamadii kuntaalli 30 argamuufi baranamoo gara kuntaala 40tti guddisuuf hojjechaa jiraachuu eeraniiru.

Qonnaan bulaa Ganda Diilaamoo Maaraqa Obbo Waraaboo Diimaa akka jedhanitti, qamadii bonaa lafa hektaara afurirratti kan omishuufi bara darbe lafa walakkaa hektaaraarratti qamadii bonaa omishuu jalqaban.

Godinniifi aanichi barana deeggarsa sanyii qamadii taasisuufis eeranii, guddiftuun callaa yeroodhaan dhiyaateef qarshii saaniitiin bitanii ittifayyadamuu dubbatu. Bishaan paampiidhaan harkisanii qamadii kan omishan ta'uus himanii, hanqinni bishaanii humna guutuun akka hinomishne isaan danquus ni eeru.

Lafa hektaara tokkorraa callaa qamadii hanga kuntaala 30tti kan eegan ta'uufi waliigalatti omisha qamadii bona baranaarraa callaa kuntaala 180 kan eegan

ta'uu dubbatu.

Qonnaa Bulaan Ganda Arsee Ofaa Obbo Eeliyaas Didannaa akka jedhanitti, barana lafa hektaara lama omisha qamadii bonaatiin uwwisuufi lafa hektaara tokkorraa callaa qamadii hanga kuntaala 30 eegu.

Omisha qamadii bona baranaaf xaa'oon yeroon kan dhiyaateef ta'uu himanii, xaa'oo qarshii isaaniitiin bitachuufi sanyii filatamaa aanicharraa deeggarsaan argachuu dubbatu. Erga qamadii bonaa omishuu jalqabani waggaa sadii ta'uu kan himan qonnaan bulaan kun, omishichi jireenyasaanirratti jijjiiruu ibsu.

Ogeessonni qonnaa deeggarsa taasisaafi jiraachuu himanii, gandichatti omishni qamadii daran babal'achaa jiraachuufi hanqina bishaaniirraa kan ka'e qonnaan bultoonni humna guutuun omishicharratti hirmaachaa akka hinjirre eeraniiru.

Qonnaan bultoonni gandoota lamaanii qonna bonaa kanaan qamadii, timaatimii, shunkurtii diimaa, boqqolloo, appilii dabalatee kuduraalee gara garaa

Gara fuula 13tti

Mijuu

BARIISAA SANBATAA Amajjii 18 Bara 2016



**Buraatoo, Tancoo, Siilsoo, Qaasoofi Uttaa:
Nyaatawwan aadaa saba Daawuroo**

fuula 10



**“Jijiiramaa as dandeettiin
raawwachiisummaa
dhaabbatichaa dhibbanta
30 irraa gara 70tti
guddateera”**

- *Obbo Tashoomaa Yaamii*

fuula 6



**“Fardeen Oromoo
kaleessa gaarreen Adwaa
raasan har’a madda galii
ta’uu qabu”**

- *Dargaggoota Dandii*

fuula 9

KEESSUMMAA BARIISAA

“Jijjiiramaa as dandeettiin raawwachiisummaa dhaabbatichaa dhibbantaa 30 irraa gara 70tti guddateera”

- *Obbo Tashoomaa Yaamii*

Bayyanaa Ibraahimiin

Biyyoota addunyaa hedduu keessatti hojiin qaama raawwachiiftuu mootummaatiin raawwataman ummataafifa akka ta'an, bifa ittigaafatamummaa qabuun akka raawwataman, bulchiinsi gaariin akka diriiru, mirgi dimokraasiifi namummaa akka dagaaguuf dhaabbilee dimokraasii hundeessuun barbaachisaa qofa osoo hintaane, akka dirqamaattis ilaalama.

Itoophiyaanis naannawa bara 1990mootaatti liqiifi deggarsa Baankii Addunyaafi 'IMF' irraa argattu dhaabbilee dimokraasii hundeessuu akka qabdu keessattuu (Abbagaar Ummataa) akka hundeessituuf dhiibbaa irra gahaa tureen bara 1992tti dhaabbatni kun biyyattii keessatti akka hundaa'uuf sababa ta'ee jira.

Yeroo sanatti Itoophiyaan barbaachisummaa dhaabbatichaa amantee osoo hintaane liqiifi gargaarsa dhaabbilee addunyaa kanneenii argachuuf akka ta'ee kan himamu ta'uus, hundeeffamuun dhaabbatichaa garuu lammiilee qaamota raawwachiistuu mootummaatiin rakkooleen bulchiinsaa irra gahaa jiraniif akka iddoo ara galfiitti tajaajiluu eegaleera.

Keessattuu waggoottan muraasa jijjiiramaa kana keessatti hawaasni barbaachisummaafi faayidaa dhaabbatichaa hubachuudhaan bal'inaan itti tajaajilamaa jiraachutu dubbatama.

Obbo Tashoomaa Yaamii, Dhaabbata Abbagaar Itoophiyaatti Hogganaa Waajjira Damee Oromiyaa dhimmuma kanarratti ibsa akka nuuf kennaniif keessummaa torbee kanaa taasifanneerra.

Bariisaa: Gaafdeebii keenyaaf eeyyamamoo ta'uu keessaniif isin galateeffachaa, mee haala hundeeffama dhaabbaticharraa nuu eegaltuu?

Obbo Tashoomaa: Isinis haala hojii waliigalaa dhaabbatichaa irratti nu dubbisuudhaaf dhufuu keessaniif ulfaadhaa!, gara gaaffii nagaafateetti yommuun siif deebi'u immoo, biyya keenyatti dhaabbileen mootummaafi waajjiraaleen garagaraa yommuu hundaa'an labsiidhaan yoo ta'u, dhaabbata Abbagaar dabalatee dhaabbileen dimokraasii garuu kan hundaa'an labsiidhaan osoo hintaane, heera mootummaa federaalawaa dimokraatawaa Itoophiyaatiini. Kun immoo giddu seentummaa qaamota raawwachiiftuu ittisuudhaan walabummaa dhaabbilee dimokraasiitiif kennuuf yaadamee yoo ta'u, Dhaabbanni Abbagaaris yeroo jalqabaatiif biyya kanatti bara 1992tti labsii lakk. 211n hundaa'uu danda'eera. Ergasii immoo bara 2011tti labsii lakkoofta 1142 kan fooyya'e yoo ta'u, dhiheenya kanattis jijjiirama kana keessatti yeroo lammataatiif bifa ergamaafi ittigaafatamummaa dabalataa kennuun akka haaraatti fooyya'uu danda'eera.

Erguma ce'umsiifi jijjiiramni siyaasaa biyyattii keessatti dhufeen booda yeroo lammataaf jijjiiramuun kun immoo xiyyeeffannoo olaanaa argachuu dhaabbatichaa kan ibsu yoo ta'u, gama biraatiin immoo fedhiin hawaasni biyyattii dhaabbatichatti tajaajilamuu barbaadani yeroorraa yerootti dabalaa dhufuus kan agarsiisuudha.

Bariisaa: Kaayyoo guddaan hundeeffama dhaabbatichaa maal ture?

Obbo Tashoomaa: Jalqabumarraa yeroo

ka'amu kaayyoo guddaan dhaabbatichi itti hundaa'eef bulchiinsa gaarii hojiiwwan mootummaa keessatti diriirsuufi yemmuu rakkooleen bulchiinsa gaarii dhaabbileefi waajjiraalee garagaraa keessatti uumamuusaaniif iyyannoon dhufe yookiin kaka'umsa ofiisaatiin qoratee rakkooleen akkasii uumamuu bira gahe immoo tarkaanfileen sirreeffamaa akka fudhataman kallattii akeekuudha.

Kaayyoo guddaa dhaabbatichaaaf kenname kana galmaan ga'uuf immoo aangooleen labsiwwan lamaan Dhaabbata Abbagaar Ummataatiif kennaman ni jiru. Isaanis; kan jalqabaa labsii lakkofsa 1142 kan hojiiileen miidhaa bulchiinsaa akka hinqaqqabne to'achuuf isa gargaaru, dhimma dubartootaa, daa'immanii, maanguddootaafi qaama miidhamtootarratti sarbamuun mirgaa akka hinqaqqabne to'achuufi mirgisaanii akka kabajamu mirkaneessuu, mirgi kutaalee hawaasaa kanaaf kenname qixa sirrii ta'een hojirra oolaa jiraachuusaa to'achuu, bakka kanarra darbee mirgisaanii sarbamee argametti immoo komii simachuudhaan yaada furmaataa kennuudha.

Kaayyoo guddaan kan biraa ammoo mirgi bilisummaa odeeffannoo akka mirkanaa'u taasisuudha. Keessattuu namni kamiyyuu yookiin immoo qaamni kamiyyuu qaamolee mootummaa sadeen, qaama seera baaftuu, seera raawwachiiftuufi qaama murtii seeraa dabalatee odeeffannoo fedhe argachuudhaaf mirga guutuu argateera.

Odeeffannoo fedhe funaanuu qofaaf osoo hintaane, chaanaalii barbaadetti fayyadamee odeeffannoo argate sana nama biraatiif dabarsuu yookiin qilleensarra oolchuufis mirga guutuu qaba. Keeyyanni biyyattii 22s qaamni kamiyyuu odeeffannoo



Suurri: Gabaaboo Gabreetiin

argate afaaniin, barreeffamaaniifi gama miidiyaatiin tamsaasuudhaaf mirga akka qabu ni ibsa.

Kunis irra jireessaan labsii mirga bilisummaa odeeffannoo jalattis tumamee kan argamuudha. Gabaasa hojiiwwan mirga odeeffannoo irratti hojjetaman qindeessee hanga Mana Maree Bakka Bu'oota Ummataa biyyattiitiif dhiheessuuf mirga kan qabu Dhaabba Abbagaar Ummataa qofa.

Hojiiwwan hanga ammaatti hojjetaman yemmuu ilaallu dadhabbiifi ciminas kan qabu yemmuu ta'u, keessattuu dhimmi bulchiinsa gaarii manneen hojii mootummaa keessatti mirkaneessuu hojii qaama tokko qofaan hojjetamee milkaa'u osoo hintaane, qindoomina dhaabbilee garagaraa kan gaafatu waan ta'eef harcaatiwwan mul'achuusaanii waan hinoolle.

Bariisaa: Labsiin dhaabbatichaa dhiheenya kana fooyya'e maal maal of keessatti hammata laata?

Obbo Tashoomaa: Gaaffii bareeda na gaafatte. Kanaan dura labsiin ture qaawwa seeraa banaa ta'e akka qabu sirriitti ilaalamee qaamootni garagaraa erga irratti mari'ataniin booda labsii fooyya'eedha. Akka seera biyya kanaatti lammiilee biyya kana kan jedhaman isaan waajjiraaleefi manneen hojii mootummaa qofa keessatti hojjetan osoo hintaane, isaan dhaabbilee

dhuunfaa keessa hojjetanis kan dabalatu ta'uus, hojiin to'annoofi hordoffii dhaabbatichi hanga ammaatti hojjechaa ture isa waajjiraalee mootummaa keessatti raawwataman qofarratti kan xiyyeeffatu ture.

Kana jechuun immoo ergamni dhaabbatichaa lammiileen sababa miidhaa bulchiinsaatiin akka hinmiidhamne eeguu jedhu sun isaan waajjiraalee mootummaa keessa hojjetan qofa kan hammate waan ta'eef, mirga lammiilee waajjiraaleefi dhaabbilee dhuunfaa kan dagate ta'uusaatiin hir'uu ture jechuudha.

Labsiin dhaabbata Abbagaar dhiheenyaatti haarooomee bahe kun immoo hojiiwwan dhaabbatichi kanaan dura sababa daangaa aangootiin itti galuu sodaate hedduu akka hojjatuuf carraa kan uume yemmuu ta'u, keessattuu tanaan dura miidhaalee bulchiinsaatiin walqabatee rakkoolee bulchiinsaa dhaabbilee mootummaa keessatti raawwataman qofa simatee ilaalaa ture.

Haa ta'u malee lammiileen biyya kanaa isaan dhaabbilee mootummaa keessatti hojjetan qofaa osoo hintaane, isaan dhaabbilee dhuunfaa keessa jiranis kan dabalatu waan ta'eef labsiin haaraa kun rakkoo gama daangaa aangootiin jiru kana cabsee miidhaalee bulchiinsaa dhaabbilee

KEESSUMMAA BARIISAA



mootummaas ta'ee dhuunfaa keessatti uumamuu malan hundarratti qorannoo akka gaggeessuuf aangoo kenneera.

Labsii amma fooyya'e kanaan dhimmoota akka murteessooti ka'an keessaa inni bira dhimma qaqqabummaafi faayidaa hawaasni barbaadu dhiheenyaatti kennuuti. Gama kanaan labsii fooyya'e kanaan duratti akka naannoo Oromiyaatti damee olaanaa Finfinnee jiru alatti damee biraa godinoota keessaa hinqabnu turre.

Labsii haaraa kanaan garuu yoo xiqqaate dameewwan dabalataa sadii kutaalee Oromiyaa garagaraa keessatti akka hundaa'aniif carraa nuuf kennee jira. Dameewwan dabalataa banuun kun immoo dadhabbi hawaasaa hir'isuudhaan dhiheenyaatti tajaajila ummanni barbaadu kennuuf barbaachisaa yoo ta'u, ammas taanaan dameewwan dabalataa kunneenis baay'ina ummata Oromoofi bal'ina Oromiyaa waliin yemmuu madaalamu gahaa ta'uu dhabus, isaanuma banaman kanneen hundaafuu akka dhihaatan taasisuudhaaf baha Oromiyaatiif Ciroota irratti, Dhiha Oromiyaatiif Naqamtee irratti, akkasumas kallattii kibbaa bahaatiin immoo Bulee Horaa irratti kan banaman ta'u jechuudha.

Bariisaa: Yaada furmaataa dhaabbatiichi kennu simatanii sirreessuu irratti qaamoleen raawwachiiftuu maal fakkaatu?

Obbo Tashoomaa: Yaada furmaataa dhaabbanni keenya yeroo garagaraatti kennu simatanii hojirra oolchuu irratti dhaabbileen galata guddaa argachuu qaban jiru. Yeroo tokko tokko inumaayyuu wanti baratamaa dhufe tokko jira. Innis maalinni yoo jette, komiin tokko waajjira tokkorratti yoo nu bira gahu, nuti immoo osoo walmorkii keessa hingaliin hoggansa waajjirichaa waliin waliif bilbillee haalli hoggansi sun osoo nuti dhamaatii biraa keessa hingaliin nama komii qabu sana ofitti simatee ofumaaf achitti furuu bal'inaan mul'achaa jira. Kun immoo hojii jajjabeeffamuu qabuudha.

Dhaabbatni abbagaaris ta'ee waajjiraaleen mootummaa hundi kan hojjenuuf ummatuma kanaafi; hojii ummata tokkoo hojjechaa immoo inni tokko akka shakkaatti, inni tokko immoo akka shakkamaatti wal

ilaaluu irra, iyyannoowwan dhufan irratti osoo gara qorannoo bal'aatti hinseeniin dura hoggansa waajjiraaleetiif bilbilanii haala salphaa dadhabbi komataa, ogeessoota abbagaariifi kanneen biroos hir'isuu danda'u kanaan dhimma xumuruun hojii jajjabeeffamuu qabuudha.

Gama biraatiin immoo, haa xiqqaatanis malee erga iyyannoo dhihaatterratti hundaa'uudhaan yookiin immoo kaka'umsa mataa ofiitiin qorannoo gaggeeffamee miidhaan bulchiinsa gaarii qaqqabuunsaa mirkanaa'ee yaadni furmaataa itti kennamees yaadicha fudhatanii hojitti hiikuudhaaf dhaabbileen qoollifatanis jiru.

Kanneen immoo gabaasa guutuu qindeessinee Caffee Oromiyaafi Mana Maree Bakka Bu'oota Ummata Itoophiyaatiif dhiheessina jechuudha.

Hanqinoota gama kanaan jiran kana furuuf immoo qaamota dhimmi ilaalu keessattuu, Waajjira Pirezidaantii, Caffee Oromiyaa, Biiroo Siviil Sarvisiifi kanneen biroo waliin ta'uudhaan hanqinootni kunniin akka dhabamaniif hojii bal'atu hojjetamaa jira.

Akka Dhaabbata Abbagaar Ummataa Damee Oromiyaattis hanqinni humna namaa jiru olaanaa yoo ta'u, caasaan nuuf ramadame nama 101 osoo ta'ee jiruu namni yeroo ammaa hojirratti argamu garuu nama 42 qofa. Namuma xiqqaa kanaan hojiin hojjetamaa jiru gaarii ta'us, yeroo dhihoo keessatti rakkoo hanqina namaa gama kanaan jiru furuudhaafis qacarriin kan adeemsifamu ta'a.

Haa ta'uu malee dandeettiin raawwachiistummaa dhaabbatiichaa kan madaalamu yaadni furmaataa inni kenne hangam hojirra oole kan jedhuun waan ta'eef, tanaan dura yaadota furmaataa dhaabbatiichi waajjiraalee garagaraatiif kennu keessaa kan raawwatamu dhibbantaa 30 kan hincaalle qofaa ture. Yeroo ammaa kana garuu keessattuu jijjiiramaan asitti gara dhibbantaa 60 hanga 70tti guddachuu danda'eera.

Kanaaf jijjiirama kanaa as dandeettiin raawwachiistummaa dhaabbatiichaa dachaadhaan dabaluu danda'eera jechuun ni danda'ama.

Akka waliigalaatti garuu dhimmi bulchiinsa gaarii manneen hojii mootummaa sadarkaadhaan jiran keessatti mirkaneessuu dandeettiin dhaabbata abbagaar qofaan kan milkaa'u akka hintaane dagatamuu hinqabu. Bulchiinsi gaarii piilaariwwan gurguddoo sadii kan qabu yemmuu ta'u isaan keessaa mootummaan isa duraafi gahee olaanaa fudhachuu qabuudha.

Dhaabbileen dhuunfaafi namni dhuunfaas hojii bulchiinsa gaarii mirkaneessuu keessatti shooraa isaanii yoo bahatan malee dhimmi bulchiinsa gaarii tattaaffii qaama tokkoo qofaan mirkanaa'uu akka hindandeenye jala sararamuu qaba.

Bariisaa: Gama hojii dhaabbatiichaa dijitaallessuutiin hoo maal fakkaatu?

Obbo Tashoomaa: Yoo dhugaa dubbanne gama hojimaata dijitaalaa galuudhaan dadhabbi maamiltootaa hir'isuutiinis jalqabbii gaariitu jira jechuun ni danda'ama. Akka fakkeenyaatti yoo ilaalle, komiiwwan iddoo garagaraatii gara dhaabbatiichaa dhufaa jiran keessaa dhibbantaa 40fi sanaa ol kan ta'u karaa chaanaalii telegiraamii dhaabbatiichaa kan dhufuudha. Akkasumas, lakkofsi bilbilaa bilisaas diriiree maamiltootni iddoo jiranirraa qaamaan hanga asiitti dhufuun osoo isaan irraa hineegamiin haalli ittiin komiisaanii ergachuu itti danda'aniis mijatee jira.

Sababuma chaanaalii telegiraamiifi bilbila tolaa kanatti fayyadamuu jalqabneef immoo baay'inni komii nuti raawwachuuf karoofannuufi raawwiinsaa garaagarummaa guddaa akka qabaatu taasisaa jira. Isuma bara 2015 yemmuu ilaallu baay'inni nuti waggaa sanatti raawwanne isa karoofanne harka dachaan akka caalu taasisaa jira.

Hojiin gama kanaan hojjenne akkuma biyyaattuu dameelee hojii biroo sadarkaa biyyaatti jiran keessaa hojii fakkeenyummaa qabu ta'uusaatiin akka muuxannoo gaariitti naannolee birootiifis akka qoodamu taasifamee jira.

Dijitaallessuun kun immoo tajaajila maamila alaatiif kennamu qofaa osoo hintaane, tajaajila keessaa dhaabbatiichaa kan dabalatu waan ta'eef, keessoo dhaabbatiichaa yemmuu odeeffannoon wayii jiraate, walga'ii dabalatee chaanaaliin telegiraamii uumamee waan jiruuf hojiiwwan hedduu karuma sanaa raawwatamaa jiru.

Bariisaa: Itti quufinsi maamiltootaa sadarkaa maalirra jira laata?

Obbo Tashoomaa: Gaaffii kana silaa dhaabbatiicha osoo hintaane, maamiltoota keenya osoo gaafattee caalatti gaarii ta'a jedheen yaada. Haa ta'utii erga na gaafattee gama dhaabbatiichaa komiiwwan dhihaatan sirnaan simatanii qorannoo barbaachisu erga taasisaniin booda qaama dhimmichi ilaaluuf dabarsuun walqabatee aadaa hojii simannaa komiifi himannaa adda ta'e qabna.

Namni nu biratti qaama wayii komatu akka iyyannoo manneen murtii sadarkaa garagaraa jiraniitti barreeffamaan dhiheessuun dirqamaa miti. Karaa barbaadeen himannaasaa dhiheeffachuu ni danda'a. Kun immoo yoo barbaade afaanumasaatiin himannaasaa dhiheeffachuu akka danda'uuf carraa kan uumu waan ta'eef karaalee himannaan ykn iyyannoon ittiin dhaabbatiichaa dhihaatu irratti kan filatuufi murteeffatu abbama iyyatu sanaadha.

Kana qofaa osoo hinta'in, nama miidhaan bulchiinsaa irratti raawwatame qofaa osoo hintaane, qaamni sadaffaan miidhaan bulchiinsaa sun raawwatamuusaa quba qabu iyyannicha akka dhiheessuuf mirgisaa eegameeraaf. Kana waan ta'eef kunis filannoo dabalataa qaama iyyatuuf kan kennu waan ta'eef ittiquufiinsa olkaasuu keessatti shoorasaa akka bahatu ni beekama.

Dabalataanis qaamni miidhaan bulchiinsaa irratti raawwatame tokko ofiisaatiif dhufee iyyannicha dhiheeffachuuf yoo haalli hinmijanneef, qaama sadaffaa ergachuufis akka ani barbaadetti naaf hinhimu jedhee yoo yaade immoo ofiisaatii manasaa taa'ee bilbila bilbiluun iyyannoosaa dhiheeffachuu akka danda'uufis carraan uumameeraaf.

Akkasumas, qaamni sadaffaanis iddoo tokkotti miidhaa bulchiinsaa raawwatamaa jiru tokko yoo arge, idduma jiru sanarraa bilbilaan "qaamni akkanaa ykn hogganaan akkanaa ebalurratti miidhaa bulchiinsaa akkasii raawwachaa jira" jedhee dhaabbata abbagaar ummataatiif saaxiluus ni danda'a.

Sababnisaas, dhaabbanni abbagaar ummataa dhimma kan qabu rakkoo bulchiinsaa uumamaa jiru sanarraati malee "eenyutu iyyannoo dhiheesse" kan jedhurraa waan hintaaneefi. Yoo barbaadan immoo poostaadhaanis iyyannoo dhiheeffachuun akka danda'amuuf haalli mijateera jechuudha.

Akka waliigalaatti yommuu ilaallu immoo, qaamni dhaabbata abbagaar ummataatti iyyannoo dhiheeffatu tokko tajaajila dhaabbatiicharraa argatuuf qarshii tokko baasii isa hingaafatu.

Baasii geejiba ittiin imalee dhufe, nyaataafi iddoo bultii isarraa bahuu danda'us oolchuuf jecha immoo yeroo ammaa bilbilaafi poostaa dabalatee karaa chaanaalii telegiraamii dhaabbatiichaa baasii tokko malee iddoo jiranirraa komiisaanii dhiheeffachuu akka danda'aniif haalli mijateera.

Haaloanni kunneen immoo dhaabbatiichi hamma tokko itti quufiinsa maamilaa fooyyeessaa jiraachuun keenya asuma keessatti kan ilaallamu ta'a jechuudha.

Bariisaa: Gaaffii dhuma, iyyannoowwan dhihaatan keessaa isaan ulaagaa hinguutne jedhamanii kufan isaan akkamiiti?

Obbo Tashoomaa: Iyyannoowwan dhufan iddoo lamatti qoodna. Kunis isaan ittigaafatamummaa dhaabbatiichaa jalatti kufaniifi, isaan daangaa aangoo dhaabbatiichaa ilaallamuu hinqabne jenneeti.

Fakkeenyaaf, dhimmoota manneen murtii sadarkaa garagaraatti ilaalamaa jiran, kanneen manneen murtii sadarkaa garagaraatti murtii argatan, dhimmoota mana hojii odiitara federaalaafi naannootiin murtaa'an, dhimmoota nageenya biyyaatiin walqabatan ilaaluuf aangoo dhaabbatiichaa hinkennamne. Haa ta'uu malee rakkoolee miidhaa bulchiinsaa keessoosaaniitti uumaman garuu ilaaluun ni danda'ama.

Bariisaa: Ibsa bal'aa hojilee dhaabbatiichaa irratti nuuf kennitaniif galatoomaa!

Obbo Tashoomaa: Isinis yeroo murteessaa dhaabbatiichi qajeelfama haaroomeen deebi'ee hundaa'aa jiru kanatti hojii dhaabbatiichaa ummata biraan gahuudhaaf nu dubbisuu keessaniif galatoomaa!

Ilaamee...

“Nutu buufata keessatti hiriira qabannee dhaabanna konkolaattonni alatti dhoksaadhaan fe’u”

-Tajaajilamtoota Bishooftuu-Finfinnee

“Amma rakkoon sun hiikkateera”

- Waajjira Geejibaa Magaalaa Bishooftuu

Charinnat Hundeessaatiin

Finfinnee: Dameelee guddina dinagdeefi cimina hariiroo hawaasaa biyya tokkoo keessatti akka utubaa amansiisaatti eeraman keessaa tokko tajaajila geejibaati. Geejibni ni geessa, nifidas. Damee murteessaa kanatti si’ana tajaajilli akkamii kennamaa akka jiru keessumaa namni guyyaa guyyaadaahan ittifayyadamu sirriitti ragaa bahuu danda’a.

Keessumaa magaalota guguddoo akka Finfinneefi Adaamaa fa’itti tajaajilli damee geejibaatiin kennamu daran walxaxaadha. Fakkeenyaaf konkolaattonni miniibaasii jedhaman Adaamaarraa Finfinnee (Qaallittii, Laambarat, Awutobis Taraa, Ayyaar Xeenaa, Jamoo, Istaadiyoomii...) jedhanii fe’an taarifiisaa meeqa akka ta’e ifatti beekamaa laata? Haalli isaan ittife’an hammam hordofama? Keessumaa rakkoon kun Sanbattan lamaan, Jimaata galgalaafi Wiixata maal fakkaata? Deebii gaaffilee kanneenii imalaafi qaamolee dhimmi ilaaluf dhiiseen gara xiinxalli kootti deebi’a.

Gaazexaan Bariisaa Bishooftuu ka’umsa godhachuun kenniinsi tajaajila geejibaa Oromiyaatti maal akka fakkaaturratti komii imalaa (hojjetaan Bishooftuurraa Finfinneetti deddeebi’u), yaadaafi deebii waajjira geejibaa magaalattiifi kan Ejensii Geejibaa Oromiyaa haala ittaanuun dhiyeesseera.

“Ani Wiixata hanga Sanbataatti geejiba deddeebisa ummataatin fayyadama. Bishooftuurraa hanga Finfinneetti (Qaallittii) konkolaataa sadarkaa Iffaa jedhamuuf taariifni mootummaan baase qarshii 38. Abbootiin qabeenyaa garuu qarshii 40 nurraa fudhatu. Qarshii lama hindeebisani jechuudha. Sadarkaa lammaffaan qarshii 35 kanfalchiisa. Deebii haa qabaatuu haa dhiisnu waanti beeknu hinjiru. Nuti waan gaafatamne kanfalla. Isayyuu kadhanneeti.

“Warri tikeetii karaa elektironiksii muran jiru. Warri kun konkolaachistoota wajjin waliigaltee qabu. Isaan maddiitti goranii warra kaan nurratti kakaasu. Kan hojjetu dallaaladha. Dallaa buufata konkolaataa jiru maddiitti baasanii darbaa fe’u, kanfalchiisu. Yoo konkolaataan hinjiraanne ammoo yeroon daandii qarshii 38 qarshii 100n ittideemamus jira.

“Kanneen qarshii 80 gaafatanis jiru. Maali yoo jenneen konkolaataan hinjiru jedhu. Hojiifi dhimmoota birootiif waan imalamuuf, furmaanni biraas waan hinjirreef hojjettoonni tikeetii muran, konkolaachistoonniif dallaalonni walijaaranii ummata rakkisaa jiru. Kana qofa miti torbanuma darbellee dhimma wayiitiif Magaalaa Mojoo deemeen ture. Taarifi Bishooftuu-Mojoo qarshii 30. Konkolaachistoonni garuu qarshii 50 kanfalchiisaa jiru.

Waan namni to’atu hinjirreef warri konkolaachisaa yoo barbaaddan qarshii hammanaatiin deema jedhu. Tajaajilli naannawa sanatti kennamu quufsa miti. Namni meeqaan feete, konkolaataan jira hinjiru jedhee to’atu hinjiru. Namni qorraafi aduu keessa dhaabachaa oola.

“Tikeetii karaa elektironiksii muruun jira. Garuu nuti hiriiruma qabannee dhaabannaa, konkolaattonni alaa fe’u. Kanaan dura Adaamaa Bishooftuu qarshii 90 kanfalchiisu



turan. Sababasaa gaafannaan konkolaataan hinjiru jedhu. Garuu yeroo sana to’annaa cimaa doqdoqqeedhaan deeggaramee taasifameen hoteelota keessaafi bakka dhokate gadi yaasaa turan.

“Konkolaachistoota haala kanaan ummata rakkisaa turaniif eeyyamni hojii akka hinkennamne taasifamuu quban qaba. Kun to’annaa cimaa taasifamuu kan agarsiisuudha. Haala kanaan hordofnaa waanti hinsirroofne hinjiru. Asitti garuu (Bishooftuutti) ummanni daran rakkachaa jira. Ummanni dhimmumasaa raawwatachuuf fiiguu malee eenyutti iyyatee furmaata akka argatus quba hinqabu. Nama hojii kooti jedhee kenniinsa tajaajilaa kana to’atu tokkollee argee hinbeeku.

Imalaan taariifan ala hinkanfalu jedhee mirgasaa kabachiifachuurratti maal fakkaata jenneenii turre. Isaanis, “Namni waanuma gaafatame kanfalee bakka dhimma ofii gahuu malee maaliif jedhee hingaafatu. Yoo gaafatte bu’i siin jedhu. Waan gatiin boba’aa dabaleef yoo kaffalte kaffali yoo ta’uu baate bu’i jedhanii si buusu. Yoo akka tasaa namni walga’ee wace motora dhaamsanii konkolaataa keessaa bu’u. Konkolaataan kan kiyyaa maaltu si galche siin jedhu. Garuu eeyyamni harkasaanii jiru tajaajila ummataatiif jedha. Eeyyamni kan kennameef ummata tajaajili jedhameeti. Qaamni kana to’atu ittigaafatamummaasaa sirnaan bahachuu qaba” jedhan.

Bariisaan dhimma kanarratti Ittigaafatamaa Waajjira Geejibaa Magaalaa Bishooftuu Abarraa Shifarraa deebii ittaanu argateera.

“Bulchiinsi Magaalaa Bishooftuu tajaajila geejibaa ammayyeessuuf hojmaata teknolojii daataa beeziidhaan hogganamu keessa galchuuf, tooftaa mootummaan bocee baaseen hogganuuf hojjetaa jira. Fakkeenyaaf konkolaataa ‘awutoomeet’ gochuu ykn daataa beezii keessa galchuu ykn akka seeraan lakkaa’amee beekamu gochuu jalqabneerra.

“Kan lammataa konkolaachisaa ykn leenjisa daataa beezii keessa galchine tajaajilli ‘online’ akka kennamu taasisneerra. Sadaffaa tajaajila ‘etikeet’ jedhamu hojiirraa oolchineerra. Tajaajilli sadaffaan kan tajaajilamaan buufata keessatti kanfalee konkolaataa keessa galee imaluudha.

“Akka kanaan duraa faayiliin baatamee olii gadi deemamu hinjiru. Gaafa abbaan konkolaataa konkolaataa qabatee dhufu tilmaama gatiisaa gadi buusuu akka hindandeenye, barri konkolaatichi itti omishame akka hindoggorreef faayilli waraqaadhaan jiru akka kompiyuutara keessa galu gochuudha. Hojmaanni kun bara darberraa kaasee hojiirra jira.”

“Konkolaataan sadarkaasaatiin dhaabatee jira. Gara imalaan deemu gaafatamee tikeetiin muramaaf; daballii maallaqaa tokko malee taarifa mootummaan baaseen. Eeyyamni bobbiif konkolaachisaaf kennamee konkolaataan mooraadhaa akka bahu taasifama.”

Kun faayidaa lama qaba. Tokkoffaa akka konkolaataan sararraa hinbanneef siistamaan hogganna. Turtii konkolaataan bakka deemuuf bahetti taasisu duukaa buuna. Akka gatii hindaballeefis nihordofna. Akka Bishooftuutti karoora ‘etikeetii’ jala galchuu 18 qabna. Hanga ammaatti 12 raawwanneerra.

“Gaafa hojii kana eegallu hudhaalee hedduun nu qunnamanii turan. Abbootiin qabeenyaafi konkolaachistoonni daballiin gatii akka hafu waan hinbarbaadneef siistamicha fudhachuuf eeyyamamoo hinturre. Konkolaataa karaarraa balleessuun, dhoksanii alatti fe’uufi kkfn tureera.”

“Dhamaatii guddaadhaan gara buufataatti fidne. Waldaaleen abbootii qabeenyaa buufata keessa jiranis fedhii hinqabaniyyu. Garuu kallattii mootummaan kaa’e waan ta’eef gufuu sana cabsinee, hubannoos uumnee akka hawaasni tajaajila gaarii argatu gochaa jira. Amma rakkoon sun hiikkateera. Kana booda sararoota qabnu hunda siistamii keessa galchina jechuudha.”

“Fedhiifi dhiyeessiin walhinmadaalu. Kun garuma fuulduraattuu nuuf yaaddoo guddaa ta’a. Sababiinsaas, konkolaataa haaraan gara biyyaa seena hinjiru. Abbaan qabeenyaa konkolaataa bitee dhiyeessuu hindandeenye. Konkolaattonni buleeeyyiin dulloomanii gabaa keessaa bahaa jiru. Kanarratti waan qo’annes qabna. Kanaa achi imalaan seerumaan keessummeeffamaa jira.”

“Sababa dallaalaan hiriira keessaa nama baasuu yaaleef baranuma konkolaattota 126 ol adabneerra. Konkolaachistoonni ‘etikeetiin’ ala fe’uuf yaalanis jiru. Iddoo qaawwi wayii jirutti kun darbee darbee nimudata”.

Sanbattan, Wiixata ganamaafi Jimaata galgala keessumaa yeroo to’attoonni hinjirretti taarifaa ol kanfalchiisuun akka jiru tajaajilamtoonni gaafanne nutti himaniiru. Kanarratti maal jettu jenneenii turre. Isaanis, “Waanti akkanaa hinjiru. Soba. Gama to’attootaatiinis mootummaan buufatatti to’attoota hinramadne, caasaan akkanaas hinjiru. Yoo rakkoon jiraate buufata keessaa waajjira waan qabnuuf achitti komii dhiyeeffachuun ni danda’ama.

“Waajjirri keenya tajaajila gaarii kenna jedhamuun sadarkaa gaariirra jira. Waantota akka qaawwaatti ka’an kanneenirratti nutis

irratti hojjenna. Ummannis obsaan nu hordofee waan isa mudaterratti eeruu nuu kennuu qaba” jedhan.

Obbo Geetaachoo Abbabaa Ejensii Geejiba Oromiyaatti, daarektara mirkaneessaa tajaajila geejiba ummataati. “Akka ejensii geejibaatti, kenna taajilaa fooyyessuudhaan walqabatee hojiilee guguddoo hojjetaa turre. Dhiyeessii kenna tajaajilaa buufata konkolaataa ammayyeessuuf hojiin ‘etikeetiidhaan’ jalqabne jira. Kanaanis imalaan buufatuma keessatti taarifaan kaffaluu akka qabu; daandiirratti taarifi akka hindabalanne, darbaan akka hinfe’amne taasisuun bu’aa gaarii argamsiisaa jira. Kenniinsa tajaajilaa geejibaa fooyyessuuf hojmaata ‘etikeetii’ bara darbe buufataalee sadiitti jalqabneerra. Amma 41rra geenyeeerra. Barana akka karooraatti hanga buufataalee 200 ni geenya jennee karoofannee hojiitti seenneerra.

Kanaanis komiin ummataa akka xiqqaatu ta’eera. Taarifaa ol kanfalchiisuufi darbaa fe’uun erga ‘etikeetii’ kana jalqabnee xiqqaateera.

“Buufataalee babal’isuurrattis xiyyeeffannee hojjechaa jirra. Buufataaleen keenya iddoowwan sadiitti qoodamaniiru, guddaa jiddugaleessaafi xiqqaa jedhamanii. Karoora barana qabanne, kan buufataalee 200 milkeessuuf xiyyeeffannaadhaan hojjechaa jirra. Kanaafis dhaabbilee hojiirra jiran madaalaa kaan ammoo dorgomsiisaa jirra.”

“Deeggarsi ummata biraa barbaadamu ni hafa. Erga imalaan buufata keessatti tikeetii kutatee bahee booda alatti konkolaachisaan sossobachuudhaan maallaqa dabalchiifachuun nijira. Ijoolleen tikeetii muran darbee darbee saantima hambifachuunis ni mul’ata. Dhimmoota akkanaa sirreessuuf hojjechaa jirra.”

“Kanaa achi rakkoo fedhiifi dhiyeessiin walmadaaluudhabuunalasisitamichi waanuma gaariidha. Ummanni buufata keessattis ta’e alatti taariifa murtaa’een ala maallaqa dabaluu hinqabu. Milkaa’ina sistamii haaraa kanaaf to’attoonni, tiraafikiin, hojjettoonni geejibaa, ittigaafatamtoonni seektarichaa sadarkaan jiran, qindeessitoonniif hojjetaan buufataa, waldaaleen akkasumas ummanni mataansaa komii ka’u xiqqeessuuf qoodasaanii sirnaan bahachuu qabu.”

“Taariifaa ol kanfalchiisuun, mooraadhaa alatti fe’uun darbee darbee ni mudata ta’a. Hattuu guyyuma guyyaan tooftaa jijjiirratti. Kanaaf konkolaataa buufata keessa hingalletti fayyadamuu dhiisuun ummanni qoodasaa bahachuu qaba. Keessumaa haalli kun darbee darbee galgalaafi ganama konkolaachistoota tokko tokko biratti ni mul’ata. Kanarratti ummanni caasaalee keenyaaf eeruu kennuu qaba. Isarratti hundoofnee nutis tarkaanfii ni fudhanna, hojmaaticha teknolojiiidhaan cimsuuf xiyyeeffannaan hojjetaa jirra.”

“Komishinii Poolisii Oromiyaa wajjin ta’uudhaan qorannoon gaggeessine jira. Komii ummanni kaasaa jiru karaa qindoomina qabuun tarkaanfii fudhatanii sirreessuun akka barbaachisu, kallattiinis kaa’amee hojiitti galameera. Waantota raawwannu hunda buufatuma keessatti raawwannee daandiitti bahuu qabna jennee hojjechaa jirra. Hojmaata keenyas teknolojiiidhaan deeggaruu akka qabnu irratti waliigalamee kallattiin kaa’amee hojjetamaa jira” jedhan.

Qarreefi Qeerroo

“Fardeen Oromoo kaleessa gaarreen Adwaa raasan har’a madda galii ta’uu qabu”

- Dargaggoota Dandii

Waasihun Takileetiin

Nama biyya Ameerikaarraa dhufee Akaakoo Mana Abbichuutti ilmaan qonnaan bulaa gombisaafi tapha fardaa tolaan leenjisu tokko waliin walargee waa’ee seenaa gootota Oromoofi fardeensaani Adwaarratti galmaa’e haasa’aa turre.

Ani ardii Awurooppaa waggaa dheeraan jiraadhe. Fiilmiiisaanii walwaraansaa fardeenin dabaalame ilaaluun jaaladhan ture. Kanarraa kan ka’e ittifayyadamni fardeen waraanarratti hojiirra oolan kunniin akkamiin eegalaman isa jedhu gaafachuun eegale jedha namni kun. Sana booda yoo waa’ee seenaa waraanarratti ittifayyadama fardeenii baruu barbaadde kitaaba akkas jedhamu dubbisi jedhee waa’illisaa itti himuus eereera.

Bu’uuruma sanaan kitaaba jedhame manneen kitabaarara naanna’ee barbaadde dubbisuun eegale; waan ajaa’ibaas nan arge. Fiilmii faranjiin waraana fardeenin dabaalame har’a hojjetuuf ka’umsi injifannoo Adwaarratti gootonni Oromoofi fardeensaani galmeessaniin kan walqabatu ta’uu irrann ga’e jedha.

Kan faranjoonni kansaanii taasisanii har’a fiilmii ittiin hojjechuun madda galii godhachuun itti of jajan , lolli fardeenin dabaalame kun Oromoorraa kan dhaalame ta’uu ragaaleen akka ibsan naaf kaasa. Bu’uuruma kanaan namni kun jireenya basha’aa maatiisaa wajjin keessa jiraatu, Awurooppaa dhiisee dhufee ilmaan Akaakoo Mana Abbichuu leenjisu eegaluu eera.

Har’aaf waanin qorannaa irratti hojjechaa jiruuf kitaabicha siif hinkennu. Gaafan dhimma kana xumure garuu ummataafin ifoomsa. Atis dhuftee balballoomsita jedhee yeroo biraatiif walbellamne.

“Gootonni Oromoo seenaa addaa galmeessisani darban ilmaan hedduu horataniiru. Anis ilmaan ilmaansaani kana tapha fardaatiin yoon leenjise bu’aaqabeessan ta’a yaada jedhuun tokko jedhee Akaakoo Mana Abbichuuttan ijoollee dhiiraa leenjisuun eegale. Isaanis na hinqaanessine. Kanaan dura Itoophiyaa bakka bu’uun Aljarsirratti alaaba Itoophiyaa olkaasuun meedaaliyaa warqii argamsiisaniiru” jechuun ibsa.

Oromoon koorniyawwan lameeniinu tapha fardaatiin maqaa akka qabu dubbiseera. Sana booda dubartootas ittidadaleen leenjisa jira. Hama ammaatti akka kilabiitti dursaa jirra. Kanaaf nama Oromoo mitiitii fardeenillee kan maqaa qaban addunyaaf galtee ta’aniidha yaada jedhuun waliigallee gargar baane.

Dhimma kana maaliif kaaste jechuun keessan hinoolu. Dhugaadha Oromoon biyya Itoophiyaa jedhamtu tanaaf lafee dugdaa ta’ee tajaajilaa tureera; ammas ittuma jira.

Haata’uutii ga’umsi Oromoon tapha fardaatiin qabu osoo madda galii ta’uu qabuu waan xiyyeeffannoo hinarganneef faranjoonni kansaanii taasifatanii fiilmii ittiin hojjechuun dinagdeesani



qaarisaniiru.

Nutis ilmaan Baalchaa Abbaa Nafsoo, Gabramaariyaam Gaariifi Gabayyoo Gurmuuti. Ga’umsa isaan fardeensaaniin deeggaramanii gaarreen Adwaarratti Xaaliyaanii jilbeeffachiisan ormaaf osoo hintaane nuuf madda galii ta’uu qaba jedhu dargaggoonni tapha fardaatiin ga’umsa qaban.

Sanbata darbe dorgommiin gombisa (gugsii) fardaa qarqara Hara Dandiitti gaggeeffameen akaakuuwwan tapha fardaa gara garaa qalbii nama hawwatan kan agarsiifaman yoo ta’u, ga’umsichi maallaqatti jijjiiramuun madda galii ta’uu akka qabu tapattoonni nikaasu.

Dargaggoo Taaddalaa Si’eesaa Shawaa Lixaa, Aanaa Dandii, Ganda Boddaa 01 irraa kan dhufe yoo ta’u, farda miila lamaan dhaabatuun namoota dorgomaniifi badhaasa maallaqa hanga kuma 30fi waancaa argatan keessaa isa tokko.

Taphni fardaa saggaarsaan, burraaqaan olkaasani dhaabuufi kan biroon akka gaggeeffamuufi ga’umsawwan kanneen hunda abbootii keenyaarraa dhaalle jechuun ibsa.

Abbootiin keenya injifannoo cululuqaa gaarreen Adwaarratti yeroo galmeessan sana osoo kaameeraa ammayyaatiin dhalootaaf taa’eera ta’ee har’a madda hawwata tuuristii galii ofii itti guddatu ta’aayyu. Sun waan hintaaneeff dinagdee keenya hubeera jedha.

Nutimmoo quuqamni nukeessa buluu qaba kan jedhu dargaggoon kun, kan kaleessa seenessa qofaan dhageenyu sana har’a maallaqatti jijjiiruun wiirtuu hawwata tuuristii maddi galii itti argamu taasisuun barbaachisaa ta’uu kaasa.

Dhugaa dubbachuuf guddaa keenya qofa miti daa’imman olguddatoo Oromoo ga’umsa taphawwan fardaa garagaraatiin ganamuma ijaaramanii ba’u kan jedhe Dargaggoo Taaddalaa maallaqatti akka jijjiiramuuf feestivaalliifi waldorgommiin qophaa’u haala mijeessa jedha.

Haata’uutii bakkawwan hedduutti farda kabaja qabu kana tapha fardaatiin leenjisee osoo madda galii godhachuu qabnuu akkuma laayyootti ilaaluun keenya dinagdee keenya waan miidhuuf qaamni dhimmisaa ilaallatu sirnaan irratti hojjechuu akka qabu dhaama.

Oromoon fardasaa akka dhalasaatti ilaala. Kanarraa kan ka’e maallaqasaa itti



baasee miidhagsee bareechee jilawwan garagararratti hirmaachuun tapha fardaa bashannansiisaa ga’umsa bilchaataan dabaalameen walbohaarsa.

Ittiin adamoo adamsee waan qalmaa qopheeffataas ture. Ga’umsi kun ija addunyaatti osoo gadi bahee madda galii olaanaa waan ta’uuf mootummaan irratti hojjechuu qaba. Guddattoonnis ga’umsa horachaa deemuun itti badhaafamanii maqaa biyyasaaniis waamsisuu qabu yaada jedhu kaasa. Maallaqaafi badhaasa waancaa argate kanaan kan onnate Dargaggoo Taaddalaa, Oromoon ilmaansaa gahoomsuu akka qabu dhaama.

Kanamalees jalqabbii gama dorgommii tapha fardaatiin mootummaan qopheessaa jiru daran kan jajjabaachuu qabu, kan daawwatamu qofa osoo hintaane kan galii argamsiisu akka ta’uuf guutuu Oromiyatti irratti hojjechuu qaba.

Dargaggoo Alamuu Guutaas aanaadhuma Dandii, Ganda Boddaa 01 irraa kan dhufe yoo ta’u, taphawwan fardaa garagaraatiin dorgomuuf qophaa’ee dhufuu kaasa.

Innis dorgomtoota tapha fardaa olkaasani dhaabuun kanneen badhaafaman keessaa isa tokko yoo ta’u, taphni fardaa Ispoortii Aadaa Oromoon ganamuma itti guddate, kan seenaanis ragaa bahuufiidha jedha. Haata’uutii ga’umsa tapha fardaa Oromoon qabu kun seenaan qofa kan leellifamu osoo hintaane maallaqa argamsiisu akka danda’uuf irratti hinhojjetamne jedha.

Tuurizimiin agarsiisawwan paarkii qofa miti ga’umsa gama tapha fardaatiin Oromoon qabu sana qabatamaan, har’a lafarratti agarsiisuun madda galii taasisuun barbaachisaadha jechuunis ibsa.

Oromoon ga’umsasa injifannoo Adwaarratti galmaa’e qofaan ibsuun hinga’u kan jedhe dargaggoon kun, kaleessa faranjiin akkamiin gurraachotaan akka injifatame kaffalee ilaalu akka qabuuf qaamni dhimmi ilaallatu xiyyeeffannaan irratti hojjechuu akka qabu dubbata.

Dhugumattuu injifannoon kaleessa gaarreen Adwaarratti galmahe seenessa afaanii qofa osoo hintaane ga’umsa dhaloota ammaatiin dhaalameefi gadi bahee addunyaaf mul’atee sharafa alaa guddaa kan argamsiisu, dinagdee biyyaa humneessu, Oromoofi Oromummaas ol kakaasu akka ta’e

eenyumaafuu ifaadha.

Kanaaf tapha fardaatiin ga’umsi jiru kun maallaqatti akka jijjiiramuuf dhaloota dhufu badhaasuu qofa miti addunyaatti beeksisanii tuuristiif banaa taasisuun biyyaaf galii argamsiisuun barbaachisaa ta’uu Pirezidaantiin Bulchiinsa Mootummaa Naannoo Oromiyaa Obbo Shimallis Abdiisaa eeraniiru.

Obbo Shimallis jilasaanii waliin dorgommii gombisa fardaa Godina Shawaa Lixaa Kibba Lixaa qarqara Hara Dandiitti gaggeeffamerratti argamuun haasaa taasisaniin ga’umsi tapha fardaa Oromoon kaleessas ta’e har’a ittiin boonu bashannanaaf qofa osoo hintaane madda galii dinagdeen lammiileefi biyyaa itti cimuu akka ta’uuf kan hojjetamu ta’uu dubbataniiru.

Ga’umsa fardeen keenya gaarreen Adwaarratti agarsiisuun faajjii bilisummaa ummata gurraachaa nutaasisan kan seenan ragaa bahudha. Sanas qabatamaadhaan hojiitti hiikuun madda galii gochuun barbaachisadhas jechuun ibsu.

Kanaafis qaamni dhimmi ilaallatu Komishiniin Tuurizimii Oromiyaa, Biirron Aadaafi Turizimii Oromiyaa kanneen biroo ciminaan irratti hojjetanii beeksiisuun dhaloota olguddatu seeraqabeessaan leenjisuun hojiitti seenamuu qaba jedhan.

Dorgommiin kana booda gaggeeffamu kan addunyaa hammate, madda galii nama dhuunfaafi biyyaa akka ta’uuf mootummaan naannichaa cimsee kan hojjetu ta’uu ibsuun dhaloonnis kanaaf of qopheessuu akka qabu dhaamaniiru.

Oromoofi Oromiyaa olkaasuun, addunyaatti beeksisuun ga’umsa keenya maallaqatti jijjiiruuf imalarra jirra. Boo’ichiifi abaarsi finxaaleyyii imala guddinaa itti jirruuraa duubatti nun deebisu. Kanaaf ga’umsa tapha farda keenyaa madda dinagdee keenyaa taasisuuf hunduu tumsuu qaba jedhan.

Walumaagalatti taphni fardaa bashannanaa hanga waraanaatti Oromoon ganamuma itti bilchaatee guddate seenaadhaan qofa leellifamuu keessaa bahee hawwata tuuristii, madda guddina dinagdee sharafni alaa itti argamu akka ta’uuf gama hundaan hojjechuun barbaachisaadha.

AADAIFI AARTII

Aadaa, duudhaaleefi beekumsawwan ganamaa saba Yam keessaa

Natsaannat Taaddasaatiin

Yam godinaalee torbaafi aanaalee addaa sadii Bulchiinsi Mootummaa Naannoo Itoophiyaa Giddugaleessaa qabu keessaa tokko yoo ta'u, Saajaan ammoo magaalaa guddoo godinichaati.

Sabootaafi sablammoota godinichaa keessaa irra jireessi saba Yam yoo ta'u, sabichi aadaafi duudhaa gabbataa, beekumsa ganamaa akkasumas hambaalee aadaa, seenaa, uumamaafi namtolchee hedduu qabaachuun beekama.

Ittigaafatamaa Qajeelcha Aadaafi Turizimii godinichaa Obbo Masfin Moggaa torban darbe garee gaazexeessitoota Dhaabbata Pireesii Itoophiyaatti godinichatti argametti akka himanitti, godinichi aadaafi duudhaalee gabbataa, beekumsawwan xabboo (ganamaa)fi hambaalee aadaa, seenaa, uumamaafi namtolchee turistoota hawwatan hedduu qabaachuun beekama. Godinichi iddoowwan hawwata turistii baay'ee qaba.

Sabni Yam jaarraa 13ffaa irraa eegalee mootummaa mataasaa hundeeffatee jiraataa ture. Yam saba aadaa, duudhaa, seenaafi eenyummaasaa eegeefi kunuunsee jiraachaa tureefi jiruudha. Sabichi har'as aadaa, duudhaa, seenaa, eenyummaafi beekumsasaa ganamaa eegee ittiin jiraachaa jira jedhu Obbo Masfin.

Iddoowwan hawwatoo

Godinichi iddoowwan hawwata turistii uumamaafi namtolchee kanneen akka masaraa mootummaa durii, holqawwan uumamaafi namtolchee, fincaa'aawwan, dhagaawwan dhaabbiifi Gaara Booriifaa qaba.

Sabni Yam utuu dhiyeessi qoricha ammayyaa Itoophiyaatti hinbabal'atin dura qorichoota aadaa dhibeewwan 159 ol fayyisan hojjechuun kan beekamu ta'uu himanii, sabichi ammayyuu waggaa waggaa Onkoloolessa 17 Gaara Boorii deemee qorichoota aadaa namootaafi beelladoota waggaa tokkoof tajaajilan walittiqaabuun ittifayyadamaa jira.



Obbo Masfin Moggaa

Booriin akka godinichaattis ta'ee naannawichaatti gaara guddaa qorichoota gara garaa biqilchuun beekamu qofa utuu hintaane madda lageen afurii ta'ee tajaajilaa waan jiruuf mootummaan naannichaafi federaalaa hojii eegumsa, kunuunsaafi misooma gaaricharratti akka hirmaatu gaafataniiru.

Qorichoota aadaa

Sabni Yam qorichoota aadaa Gaara Booriirraa walittiqaabee qopheessuun sadarkaa maatiitti waggaa tokkoof kan ittifayyadamu ta'uus himanii, akkaataa qorichi aadaa kun itti walittiqaabamu ammayyeessuun dhaloota dhufutti dabarsuuf qindoomina mootummaa naannichaafi godinichaatiin qarshiin miliyoona sadii baasii ta'ee wiirtuun ijaarameera. Maanguddoonni qoricha aadaa kana funaananii wiirtichatti akka qopheessanis ta'eera jedhu.

Maanguddoonni Yam qorichoota aadaa dhibeewwan 159 ol fayyisan qopheessanii ittifayyadamaa jiru. Dhukkubsattooni hedduun hospitaalota biyyattii gara garaa deemanii qoricha dhaban hedduun maanguddoota keenya bira dhufanii fayyaa jiru. Kanaafis ragaa gahaa qabna jedhu. Qorichoonni aadaa kunniin kan namaafi beelladoota jedhamanii adda bahanii qophaa'ani tajaajila kenna jiraachuus eeraniiru.

Qorichi aadaa duraan sadarkaa maatiitti funaanamaafi qophaa'aa ture yeroo ammaa sadarkaa wiirtuutti akka funaanamuufi qophaa'u taasisuun akka dhaloonni irraa

keessaa isaan beekamoodha.

Sabni Daawuroo nyaatawwan aadaa biroo hedduu qaba. 'Buraatoo'n nyaata aadaa saba Daawuroo keessaa tokko yoo ta'u, 'qoccoo', kochee (kitifoo)fi dhadhaarraa qophaa'a. Nyaatni aadaa kun maamiltootashaa hedduudhaan kan jaalatamuudha. 'Tancoo'n ammoo 'ayibii', raafuu daakamaafi dhadhaarraa hojjetama.

Nyaatni aadaa 'Uttaa' jedhamu ammoo maxinoo (qixxaa) xaafii diimaa, ayibiifi dhadhaarraa, Qaason ammoo ayibiifi dhadhaarraa hojjetama. Qaason yeroo baay'ee nama cabeeffii dubartii reefu deesseef kan dhiyaatuudha. Mana nyaataa kootti nyaatni qoccoo haala adda ta'een qophaa'a. Nyaatichi akka daabbooti yabbatee hojjetamee gargar murameeti kan dhiyaatu.

Nyaatawwan aadaa qopheessinu qulqullinaafi dhamdhama gaarii waan qabuuf maamiltoonni iyyaafatanii dhufu.



baratu taasisuuf hojjechaa jiraachuu himaniiru. Hojiin kun akkaataa itti qorichoonni aadaa funaanamaniifi qophaa'an ammayyeessuu keessatti gahee olaanaa kan qabu ta'uufi beekumsa xabboo kun eegamee dhaloota ittaanutti akka darbu gochuurratti gahee olaanaa kan qabu ta'uus eeraniiru.

Sirni haqaa (Chaaloo)

Sirni haqaa ammayyaa Itoophiyaatti utuu hinmirkanaa'in dura Sabni Yam sirna haqa aadaa walddhabdee ykn walittibu'iinsa ittiin ittisuufi furu qaba. Sirnichi yakka, hannaafi kadhaa ittisu keessatti gahee olaanaa qaba. Sirni haqaa aadaa kun bakka 'Chaaloo' jedhamutti adeemsifama. Sirni haqaa kun bakka sabni walga'etti adeemsifama.

Saba Yam biratti yakka raawwachuun, hatuun ykn qabeenya namaa fudhachuufi kadhaan baay'ee balaaleffatama. Kanaafuu saba Yam ta'ee namni kadhatu hinjiru. Sabni Yam waliisaafi sabootaafi sablammoota biroo waliin nagaafi jaalalaan waliin jiraachuun beekama.

Walitti bu'iinsonni sababoota gara garaatiin kutaalee biyyattii gara garaa keessatti ni uumamu. Godina Yamitti garuu walittibu'iinsi mudatee hinbeeku. Kun sabichi aadaa nagaafi jaalalaan waliin jireenyaa gabbataa kan qabu ta'uu mirkaneessa jedhu Obbo Masfin.

Sabichi aadaafi duudhaa nagaafi jaalalaan waliin jireenyaa gabbataa waan qabuuf namni kamiyyuu godina, aanaaleefi gandoota Yam keessa bilisummaan

socho'uu danda'a kan jedhan Obbo Masfin, bu'uurri nageenya keenyaa aadaafi duudhaa nageenyaa abbootii keenyarra dhaalleen jiraachuu keenya. Akka tasaa ta'ee namni tokko nama biraarratti yakka yoo raawwate namni yakki irratti raawwatame qaama yakka irratti raawwate ni lola utuu hintaane seeraan akka gaafatamuuf gaafata jedhu.

Akka Obbo Masfin jedhanitti, Sabni Yam sirna murtii aadaa 'Chaaloo' jedhamu qaba.

Sirnichi waggaa waggaa Fulbaana 23fi Ebla 27 namoota kumaan lakkaa'aman hirmaachisuun adeemsifama. Sirnicharratti kan gaarii hojjetee ni eebbisu, kan balleesse ammoo ni adabu. Namni tokko yoo dhoksaatti nama miidheera ykn qabeenya namaa hateera ta'ee sirnicharratti argamee murtii irratti darbu fudhatee nama miidhetti akka araaramu taasisfama.

Godinichatti 'Chaaloon' qaama olaanaa murtii kennuudha. Waantonni dhoksaatti raawwatame hundi sirnicharratti murtii argatu. Murtii kan kennu ammoo jaarsoliidha. Namni miidhame ykn qabeenyi jalaa hatame Chaalootti iyyata. Jaarsoliin namni dhoksaatti nama miidhe ykn qabeenya namaa hate of saaxilee murtii argatee nama miidhe ykn qabeenyasaa jalaa hatetti akka araaramuuf guyyaa sirni murtii adeemsifamu dursanii waamicha taasisu. Namni nama biraarratti yakka raawwate ykn dhoksee qabeenya namaa hate yoo jiraate dhaqee harka kennata. Yoo of saaxiluu dide ammoo sirna Chaalooratti abaarama.

Abaarsi kun isa, maatiifi dhalasaarratti miidhaa guddaa geessisa jedhamee waan amanamuuf baay'ee sodaatama. Kanaafuu namni dhokatee yakka dalage yoo jiraate of saaxilee adabbii itti murame baasee nama miidhe ykn qabeenya jalaa hate sana dhiifama gaafatee nagaafi jaalalaan waliin jiraata.

Namni yakka dalagee miliqe ykn of dhokse yoo jiraate sirnichi utuu hinadeemsifamin akka of saaxilee abaarsarraa baraaramuuf waamichi irra deddeebiin ni taasisamaaf. Sirnicharratti taphoonni gochoota seeraan alaa ni balaaleffatamu, murtiin kan kennamu

Gara fuula 13tti

Buraatoo, Tancoo, Siilsoo, Qaasoofi Uttaa: Nyaatawwan aadaa saba Daawuroo

Natsaannat Taaddasaatiin

Saboonni, sablammoonniifi ummatoonni biyya keenyaa duudhaaleefi aadaawwan nyaataa, uffannaa, ibsannaa gammachuufi gaddaa gara garaa qabaachuun beekamu.

Anis barreeffama kanaan imalan tibbana Naannoo Ummatoota Itoophiyaa Kibba Lixaa, Godina Daawuroo, Magaalaa Tarcaatti taasiseen waa'ee nyaatawwan aadaa saba Daawuroo qalbii koo daran hawwatanii dubbisoota biraan gahuu barbaadeeni.

Shamarree Mulaalam Gizaawu Magaalaa Tarcaatti Hoteela 'Dubushaa' jedhamu bantee hojjechaa jirti. Mulaalam waa'ee nyaata aadaa saba Daawuroorratti Gaazexaa Bariisaaf ibsa ittaanu kenniteetti.

Nyaata aadaa sabichaa haala gaariin qopheessitee maamiltootaafi dhiyeessina. 'Buraatoo, Tancoo, siilsoo, Qaasoofi Uttaa'n nyaatawwan aadaa saba Daawuroo



Lammiileen biyya alaa Magaalaa Tarcaa dhufan mana nyaata aadaa keenya utuu hindhufin hindeeman. Nyaatawwan aadaa dhiyeessinu keessaa qoccoo ni dhamdhamu.

Mana nyaata aadaa kana bara 2013 mana dhuunfaasheetti kan jalqabde ta'uu kan himtu Mulaalam, yeroo ammaa namoota 15f carraa hojii uumuu dubbatti. Guyyaa ayyaanota waggaa namoota harkaqaal'eeyyii 100 oliif nyaata qopheessitee kan dhiyeessitu ta'uus eerteetti.



Abbaa Sa'aa

Horsiisee bultummaa:

Utubaa dinagdee biyyaa isa biroo

Saamraawit Girmaatiin

Akka addunyaatti horsiisee bultoonni miliyoona 500 ta'an jiraachuu ragaaleen damichaa ni mul'isu. Akka ardii Afrikaatti ammoo lakkoofsi kun miliyoona 280 yoo ta'u, akka Itoophiyaatti miliyoona 15, akkasumas akka Oromiyaatti horsiisee bultoonni miliyoona shan ta'an jiruufi jireenyasaanii kan gaggeefatan horii horsiisuudhaan akka ta'e barreeffama tibbana guyyaa kabaja ayyaana horsiisee bultootaa Oromiyaa marsaa 19ffaa ilaalchisuun marii paanaalii Magaalaa Finfinneetti qopha'erraa hubachuun kan danda'amu.

Waltajjicharratti haasaa kan taasisan Hogganaan Biiroo Misooma Jallisiifi Horsiisee Bulaa Oromiyaa Injinar Girmaa Raggaasaa akka jedhanitti, rakkoon horsiisee bulaa inni guddaan hanqina nyaata beelladaafi dhiyeessii bishaanii ta'uufi rakkoo kana furuufis bishaan lafa irraafi jalaa naannawa kanatti argamurratti hojjechuu dhabuun rakkicha hammeesseera.

Mootummaanis dhimma kanaaf xiyyeeffannoo addaa kennee hawaasa horsiisee bulaa fayyadamaa taasisuuf hojjechaa jiraachuu eeranii, keessumaa akka naannoo Oromiyaatti, pirojektota finnaa 73 hojjetamuuf karoofaman keessaa 35 qarshii biliyoona 10n ijaaramaa jiran saffisaan xumuramanii hawaasa akka tajaajilaniif xiyyeeffannoon hojjetamaa jiraachuu himu.

Rakkoon horsiisee bulaa inni guddaan hanqina nyaata beelladaafi dhiyeessii bishaanii ta'uu kan himan ammoo Sadarkaa Pirezidaantii Ittaanaatti Qindeessaan Kilaastara Misooma Baadiyyaa Oromiyaa Obbo Abduraamaan Abdallaati. Isaanis rakkoo kana furuuf bishaan lafa irraafi jalaa naannawa kanatti argamurratti hojjechuu dhabuun rakkicha hammeessuu himu.

Mootummaanis dhimma kanaaf xiyyeeffannoo addaa kennuun hawaasa horsiisee bulaa fayyadamaa taasisaa jiraachuu kaasanii, pirojektii finnaa hojjiilee hojjetamaa jiran keessaa agarsiistuu akka ta'e ibsu. Pirojektotni ijaaramaa jiran kunneenis saffisaan xumuramanii hawaasa akka tajaajilaniif xiyyeeffannoon hojjetamaa jiraachuu dubbatu.

Pirojektota waggoota muraasaa as mootummaan xiyyeeffannaan hojjetaa jiru keessaa bishaan roobarraa argamu cim'isanii akka itti tajaajilamaniif pirojektii finnaa hojjechaa jiraachuu ibsanii, waggoota afran dhufanittis pirojektota finnaa 255 hojjechuuf karoofamee hojjetamaa jiraachuu himu.

Akka isaan jedhanitti, Itoophiyaan qabeenya beeladaan beekamtuu taatus waan teknolojiidhaan hindeggeramneef bu'aa barbaadamurraa argachaa hinjirtu. Mootummaan naannoo Oromiyaas kana ilaalcha keessa galchuun karoora tarsimoo dandamannaa hongee kan hongeen duraa, yeroo hongeen mudatuufi hongeen boodatti qooduun hojjechaa jira.

Jallisii fayyadamuunis inisheetivii misooma marga nyaata beelladaa hojjetamaa jiraachuu himanii, hojiin qonna midhaan nyaataas cinatti hojjetamaa jiraachuus ni ibsu. Yoo rakkoon hongee mudates ummatni Oromoo



duudhaasaa ganamaatti deebi'uun busaa gonofaan akka walbira dhaabbachuu qabus waamicha taasisaniiru.

Paanaalicharratti barreeffama marii kan dhiheessan Pirezidaantii Ittaanaan Yunivarsitii Mootummaa Naannoo Oromiyaa Doktor Riyaad Daawud akka ibsanitti, akka biyyaatti lakkoofsi qonnaan bultootaa %12.5 kan uwwisu yoo ta'u, Oromiyaattis haaluma walfakkaatuun %12.5 ummatichaa jireenyasaa kan gaggeeffatu horsiisaani. Kunis lafa naannichaa keessa %43 kan uwwisuu horsiisa yoo ta'u, omishni horsiisee bulaan omishu dinagdee biyyaa keessatti %12-16 akka qabaatu gumaacha taasisera. Guddina 'GDP' Afrikaa keessattis horsiisee bultoonni %40 shoora taphataniiru. Paarkiiwwan biyyattii keessaa harki caalus lafa horsiisee bulaa keessatti kan argaman yoo ta'an, akka waliigalaatti gahee isaan guddina dinagdee biyyaa keessatti qaban akka laayyootti kan ilaalamu muti.

Akkasaan jedhanitti, akka waliigalaatti lafa biyyattiin qabdu keessaa heektaara miliyoona 57 akkasumas kan Oromiyaa keessaa heektaara miliyoona 35.3 lafa horsiisee bulaa yoo tahu, kana keessaa qonni %9.9 kan ta'u kan wantoonni hinfayyadne irratti biqalaniifi faayidaa tokkorra illee hinoolleedha. Qonnaaf kan faayidaarra oole %4.4 qofa.

Lafa bal'aa faayidaa malee jiru kana gara qonnaatti ykn hojii misooma biraaf oolchuun ni danda'ama jechuudha. Kana gochuu dadhabuurraa kan ka'e rakkoo hedduun mudachaa turuu himanii akka agarsiisaattis hongee bara darbe mudateen jireenya horsiisee bulaarrattis ta'e dinagdee biyyaarratti rakkoo olaanaa mudachuu kaasu.

Kanaanis qonnaan bultoonni miliyoona 4.2 ta'an hanqina nyaataaf saaxilamuu, loowwan miliyoona 5.5 miidhamanii miiliyooni 3.3 du'uu himu. Kunis qabeenyi beelladaa naannichaa waliigalaa qarshii biliyoona 250 (bajata naannoo tokkoo kan ta'u)tti kan tilmaamamu keessaa biliyoona 30 ta'uu dhabsiisuufi balaan hongee akkanaa yommuu dhufu qabeenya olaanaa waan miidhuuf irratti xiyyeeffatamuu akka qabu hubachiisu.

“Yommuu waa'ee horsiisee bulaa haasofnu wantoota sadiirratti xiyyeeffachuun dirqama. Isaanis ummata, dinagdeefi naannawa.



Gaafa waa'een ummataa ka'u dhaabbilee kanneen akka sirna gadaa, ateetee, siinqee, buusaa gonofaafi kanneen biroo hammata. Dinagdeen ammoo waa'ee loonii, fayyaa loonii, omishaafi gabaa kaasuun dirqama. Naannawaan ammoo haala kunusaafi eegumsasaa qabata” jedhu.

Rakkoon hammaataa akkanaa akka qaqqabuuf sababa kan ta'e ammoo sababoota kan ta'an keessaa aadaafi safuun baduu, tokko ta'uu eeranii, waggoota muraasa dura Boorana, Gujiifi godinaalee birootti namni muka tokko mure adabbii akka qabu himu. Mukni muramuu dhabuun margaafillee faayidaa kan qabu yoo ta'u, beelladootaaf soora ta'uurra darbee keessumaa biyyeen dhiqamee akka hindeemne waan ittisuuf faayidaa olaanaa qabaachuu eeru.

Inni biraa karooraan ala misoomsuu yoo ta'u, lafti tokko tajaajila sirrii inni ooluufi danda'u utuu adda hinbaasiin akkanumaan ittifayyadamuun akka mul'atu kan himan hayyuun kun, kana waliin walqabatee qubannaan seeraan alaas rakkoo fayyadama lafaarratti mul'atu hammeessaa jiraachuu dubbatu. Kunis lafa horiin irra jiraataniifi dheedan irraa muka ciruun soorri beelladootaa akka baduufi madaalli uumamaa akka hineegamne waan taasisuuf miidhaansaa olaanaa ta'uu kaasu.

Akka ibsa Doktor Riyaaditti, haala ittifayyadama lafaa sirreessuun dirqama. Kanaafis wantoota furmaata ta'an keessaa inni ijoon mootummaafi ummanni waliin ta'uun faayidaa lafaarratti murteessuu barbaachisa. Sirna Gadaa ummanni barootaaf ittiin bulaa turetti fayyadamuun lafti kun kanaaf oola jedhanii murteessuu qabu. Akkasumas, haala qilleensa jijjiiramu dandamachuun danda'amurratti dursanii mala furmaataa ka'achuu gaafata.

Dabalataanis beekumsa xabboo ummaticha keessa jiru fayyadamuun lafaafi bishaan bulfachuun akka barbaachisuu kaasanii, kanarra darbee mootummaafi misoomsitoonni naannawa horsiisee bulaa jiran waliin ta'uun misoomsuun akka irra jiru gorsu.

Qabeenya horsiisee bulaan qabu keessaa guddaadha kan jedhamu loowwan yoo ta'an, akka ragaan hongee bardheengaddaatiin dura jiru agarsiisutti akka Oromiyaatti qabeenyi loowwanii miliyoona 8.2, hoolaafi re'een

miliyoona 12, gaalli miliyooni tokkoo ol akkasumas, horii kottedudaa kanneen akka farda, harreefi gaangee kuma 800 jiraachuu himanii, qabeenyi kun aleerjiin biyyattii keessatti illee %20 akka qabatuufi loowwan lubbuudhaan alatti ergaman keessaa %90 kan uwwisu horsiisee bulaa ta'uu ibsu.

Horsiisa looniirratti hanqinoonni hedduu jiraachuu kan kaasan Doktor Riyaad, akkuma irrannatti eerame safuu, biqiltuuleen hinbarbaachisne baay'inaan biqilaniifi argamuu, hanqinni margaafi bishaanii akkuma jiranitti ta'ee, gatiin nyaata beelladootaa dachaa oliin dabaluun, walitti hidhamiinsi gabaa cimaa jiraachuu dhabuu, yaalli loonii yeroosaa gituufi teknoolojiin deggaramee dhibuufi kanneen biroo tarreessu.

Gama dhiheessii maallaqaatiinis horsiisee bulaan horeesaa gurguree qarshii barbaadu irraa argachuu qofa osoo hintaane dhaabbileen faayinaansii itti dhiheenyaa argamuu dhabuun rakkoo ta'aa jiraachuu himanii, hubannoon qusannaafi liqiiiffatanii hojjechuu horsiisee bulaa bira jiraachuunis rakkoo tauu kaasu. Gama dhaabbilee faayinaansiitin horiin akka qabeenya dhaabbiitti waan hinilaalamneef hojmaanni horii qabsiisanii qarshii liqeeffachuu jiraachuu dhabuun bu'aaqabeessummaasaa miidhaa jira jedhu.

Rakkoolee eeraman kanneen hiikuun carraawwan bal'aa kanneen akka lafti hintuqamne bal'aan jiraachuu, dhaabbileen dhimmicharratti hojjetan bal'inaan jiraachuu, teknoolojii gaariin jiraachuu, inshuraansiin fayyaa beelladootaa eegaluuufi carraawwan mijatoo biroo damichaa fayyadamuun shoora horsiisni dinagdee biyyaa utubuu keessatti qabu caalaatti cimsuu akka barbaachisuu gorsu.

Mootummaanis, bulchiinsa lafaa horsiisee bulaaf mijatu qopheessuu, walitti hidhamiinsa gabaa uumuu, imaammatawwaniifi tarsiimoowwan mijatoo bocuu, kaka'umsawwan pirojektiiwwan kanneen akka finnaa babal'isuufi kanneen biroorratti xiyyeeffatee hojjechuu akka qabu akeeku.

Akka waliigalaatti, qabeenya olaanaa dinagdee biyyaa utubuu danda'u horsiisee bultoota bira jiru kana bu'aaqabeessummaasaa caalaatti mirkaneessuuf guyyaa kabajuurra darbee hojiin ittifufiinsa qabu hojjetamuu qaba jenna.

Aadaa, duudhaaleefi...

ta'uufi taphoonni aadaa kan taphataman ta'uus eeru.

Kunuunsa naannawaa

Sabni Yam gama bosona eeguufi kunuunsuutiinis aadaafi duudhaa gabbataa qaba kan jedhan Obbo Masfin, sabichi muka guddaa muruu akka dhala namaa muruutti waan fudhatuuf muka guddaa muruun dhorkaa ta'uus eeraniiru. Kun godinichi bosona magariisa uffatee akka argamu taasiseera jedhu.

Sabni Yam hannaafi kadhaa balaaleffachuufi jabaatee hojjechuudhaan beekama jedhanii, aadaafi duudhaa kana dhaloota ittaanutti dabarsuuf waltajjiwwan marii ittifufiinsa qaban kan qopheessan ta'uu ibsaniiru.

'Heeboo'

Sabni Yam waggaa waggaan Fulbaana keessa ayyaana bara haaraa 'Heeboo' jedhamu kabaja. Dargaggoonni hedduun ayyaanicharratti waan hirmaataniif ayyaanicha akka waltajjii tokkootti fayyadamnee dargaggoota keenya barsiifna jedhu.

Duudhaalee dhaloota dhaalchisuu

Qajeelchi Waajjira Aadaafi Turizimii godinichaa aadaafi duudhaa gabbataafi beekumsa xabboo sabichi qabu utuu hinfaalamin dhalootatti darbarsuuf hojjechaa jiraachuu kan himan Obbo Masfin, hambaalee aadaa, seenaa, uumamaafi namtolchee abboota keenyarraa dhaalle eegnee, kunuunsinee dhaloota ittaanutti dabarsuuf hunduu gahee nurra eegamu sirnaan bahachuu qabna jechuun dhaamaniiru.

keessumaa horsiisa beelladootaarratti xiyyeeffatanii hojjechaa jiraachuus eeranii, omisha aannanii, foonii, buuphaafi dammaarratti karoora addaa qabatanii hojjechaa jiraachuu ibsaniiru.

Bulchiinsi magaalattii qarshii miliyoona 100 ol ramaduudhaan sheedota horsiisa loon aannanii, lukkuu, kanniisaafi iddoo sangoota itti furdisuuf gargaaran ijaaree dargaggootaaf dabarsuu dubbatanii, kunis dargaggoonni hedduun gurmaa'anii hojii qonna magaalarratti akka hirmaatan taasisuudhaan rakkoo hojdhabdummaa hir'isuu keessatti gahee guddaa akka qabu eeraniiru.

Magaalattiitti fedhiifi dhiyeessa aannanii walsimsiisuf abbootiin qabeenyaafi intarpiraayizoonni ce'an horsiisa loon aannaniiratti akka hojjetan taasifameera jedhan Obbo Abdullaziiz, omishni dammaa

omishaniiru. Biqiltuu avokaadoos biqilchani kunuunsaa jiru.

Dargaggoo Taammiraat Tafarraa ogeessa qonnaa ganda Arsee Ofaa yoo ta'u, qophii oyiruurras kaasee hanga midhaan faca'ee sassaabamee galutti qonnaan bultootaaf deeggarsa barbaachisu taasisaafii jiraachuu dubbata.

Gandichatti barana lafa heektaara 168.75 omisha qamadii bonaatiin uwwisuuf hojjetamaa jiraachuu kan himu ogeessichi, kana keessaa hanga ammaatti heektaara 122.5 sanyiidhaan uwwifamuu ibseera.

Ittgafaatamaan Waajjira Qonnaa Aanaa

"Qonni magaalaa..."



Horsiisni lukkuu hojiilee qonna magaalaa keessaa tokko

duraan baadiyyaatti qofa beekamaa ture yeroo ammaa magaalattis adeemsifamaa jiraachuu ibsu.

Kantiibaan Bulchiinsa Magaalaa Jimmaa Obbo Najjib Abbaa Raayyaa akka jedhanitti, wabii nyaataa magaalaa

mirkaneessuuf hojiin qonna magaalaa bal'inaan adeemsifamaa jira. Hojichi wabii nyaataa mirkaneessuurra darbee qaala'ina gatiifi jireenyaa hir'isuufi carraa hojii bal'aa uumuu keessattis gahee olaanaa qaba.

Omishni qamadii...



Gannaa Obbo Dubbaalee Kabbadaa akka jedhanitti, aanichatti barana lafa heektaara 180 omisha qamadiitiin uwwisuuf karoorfatanii hojjechaa jiraachuufi

raawwii hojii hanga ammaatti jiruun lafti 135.5 omisha qamadiitiin uwwisuun danda'ameera. Omishichi jiruufi jireenya qonnaan bulaa jijjiiraa jira.

“Itoophiyaan...

Itoophiyaan walittihidhamiinsa dinagdee uumuun fayyadamummaa waloo mirkaneessuuf yoomuu qophiidhas jedhaniiru.

Horsiisee bulaan dallaafi daangaa akka hinqabne himanii; Itoophiyaan naannawasheen walitti hidhamiinsa uumuuf badhaadhina waloo uumuurratti ida'amuun haala itti adeemtu hubachuushee himaniiru.

Biyyoota Afrikaa Bahaa waliin haala teessuma lafaa qofaan osoo hintaane qorqalbiin firoomni dhiyoon waan jiruuf kana ilaalcha keessa galchuun gara badhaadhinaatti ariitiin haalli itti deemamu beekuun barbaachisa akka ta'es ibsaniiru,

Naannawaan horsiisee bula qabeenya uumamaan badhaadhaa ta'us yeroo baay'ee naannawa hongee, lolaa, baqaafi walitti bu'iinsi dagaagee mul'atudha jedhanii; rakkoo mul'atan kanneen keessaa saffisaan ba'uuf walittihidhamiinsa naannawaa uumuun furmaata ta'uus hubachiisaniiru.

Ministirri Jallisiifi Naannawa Gammoojjii Injinar Ayishaa Mahammad gamasaaniin

akka jedhanitti, qabeenya uumamaafi qormaatilee naannawa horsiisee bula carraatti jijjiiruun fayyadama waloo mirkaneessuuf kutataa ta'uuf muuxannoofi barnootni guddaan argameera. Walitti hidhamiinsi horsiisee bula uumame kunis galtee guddaadha.

Barreessaa Olaanaan Biyyoota Gamtaa Afrikaa Bahaa(IGAD) Doktor Warqinaa Gabayyoo ergaa karaa bakka bu'aasaaniin dabarsaniin, horsiisee bultoonni biyyoota gamtichaa walitti hidhuurratti gumaata olaanaa qabaachuu ibsaniiru.

Gumaata horsiisee bulaaf beekamtii kennuuf Dhaabbatni Mootummoota Gamtoomanii bara 2026tti “Waggaa horsiisee bula” mata duree jedhuun guyyaan horsiisee bula akka kabajamuuf murteessuu himanii; biyyootaafi dippiloomattonni IGADs milkaa'inasaa akka hojjetan waamicha dhiyeessaniiru.

Ekspoon mata duree “Horsiisee bulummaan miidhagina Afrikaa Bahaa” jedhuun walta'iinsa Ministeera Jallisiifi Naannawaa Gammooji IGADn qophaa'e kun hanga Amajjii 23tti kan turu ta'uun hubatameera,

Cabiinsa uumameef...

Amajjii 13 hanga 17 bara 2016 marii bal'aa taasise ilaalchisee ibsa baaseeraa.

Itoophiyaa tokkummaa sabdaneessan cichoomteefi badhaate dhaloota dhaalchisuufi dhalootaaf amanamuu dhimma ijoo ta'uud ibsee, cabiisa imala bulchiinsaa keessatti mudateef beekamtii kennuu qofa osoo hintaane tarsiimoo suphiinsaa hojiirra oolchuuf cimee akka hojjetu jala sarareera.

Bara diijitaalawaa kanatti sirnaan fayyadamuu baannaan odeeffannoon sobaa babal'achuun walitti hidhamiinsi gareen muraasaa baay'isuun tokkummaa sabdaneessummaa balaarra buusuu akka danda'uus ibsichi akeekeera.

Garee muraasni gosaan, amantaan, naannummaafi faayidaan kan walitti hidhamiindha. Faayidaa ofiif jecha biyya diinaaf dabarsanii kunneen badhaadhuu fedhu. Haa ta'u malee, miidhaarra faayidaalee diijitaalaa kana gabbisuun kaayyoo garee kunneenii maseensuuf irratti qabsaa'uun gahee hoggansaafi miseensota paartichaa ta'uu walga'ichaan murtaa'uu ibseera.

Shirri walitti hidhamiinsa garee muraasaan sabaafi saboota gidduutti walitti bu'iinsi akka uumamu xaxamaa jiru fashalaa'uu gamaaggamichaarraa kan hubatame yommuu ta'uu; walitti hidhamiinsa lammiilee cimsuun biyya tokkummaa sabdaneessummaan cichoomte hundeesuuf hojiin hojjetamaa jiru bu'aa buusaa jiraachuus ibseera.

Akkasumas hariiroo biyyoota ollaa, Gaanfa Afrikaafi addunyaa waliin jiru gamaaggamuu kan ibsichi eeree;hariiroon biyyoota Lixaa sababa walitti bu'iinsa Itoophiyaa Kaabaatiin laafee ture bakka duraatti deebi'aa jiraachuus ibseera. Hariiroon biyyoota Bahaa waliin jirus daran cimaa dhufuu eereera.

Damee faayinaansiin waliin gahuuf, omishaafi omishtummaa qonnaa, bittaafi raabsaa xaa'oo, daldalaa alaa, omisha albuudaa, dhimmoonni industirii

shukkaara bal'inaan ilaalamuun kallattiin fuulduraa kaa'ameera. Milkaa'ina omishaa qonnaa qamadii bonaafi asharaa magariisaa ciminaan itti fufsiisuuf kallattiin kaa'ameera. Carraa hojii uumuu, qaala'iinsa gabaa tasgabbeessuufi jireenya ummataa fooyyessuuf hojiileen hojjetaman ilaalamani tarkaanfiilee fudhatamuu qabanirratti murtoon darbeera.

Pirojektonnis dafanii akka xumuramaniif kallattiin kaa'ameera. Hidhi Laga Abbayyaas bara bajata 2017tti xumuruuf hojjetamaa jiraachuun ibsameera.

Gufuu guddina diinagdee keessa tokko walitti bu'iinsa fedhii garee muraasaan umamaniin yommuu ta'u walitti bu'iinsa mudatu furuuf paartichi adeemsasaa saffisiisuun, fayyadamummaa ummataafi nageenyaa waraa biyyattiitti mirkaneessuuf garee hidhatanii socho'aan waliin filmaanni karaa nagaa cimee akka ittifufu kallattiin kaa'ameera.

Qaamolee gaaffii siyaasaa karaa seera qabeessaan dhiyeessaniif hanga danda'ametti haalota mijjessuuf, kanneen fedhii fi kaayyoo isaanii hidhannoon raawwachiisuuf socho'aanif immoo hojiin olaantummaa seeraa kabachiisuu cimee akka itti fufu murtoon darbeera.

Oduudhuma walqabateen korichi qajeeltoofi hojmaata bakka walbuusuu paarticharratti hundaa'uun, Obbo Dammaqaa Makonnin kabajaan gaggeessee Obbo Tamasgeen Xuruna pirezidaantii ittaanaa paartichaa gochuun sagalee caalmaan filateera.

Ji'oota jaha darbanitti dhiibbawwan keessaafi alaa dandamachuun guddinni digandee cimaa galmaa'uu kan himan ammoo Miseensa Koree Hoji Raawwachiiftuu paartichaafi Ministira Maallaqaa Obbo Ahmad Shideeti.

Guddina dinagdee Itoophiyaa karaa fooyya'iinsa qabuun ittifufsiisuuf qaala'iinsa gatiifi jireenya akkasumsa dhiibbaa idaa salphisuun xiyyeeffannaa fuulduree ta'ee kan ittifufu ta'uus ibsaniiru.

Rakkoo Itoophiyaatiif...

sadarkaan jiru qooda fudhatu rakkoonis furmaata argataa dhufa. Rakkoo waggoota hedduuf tuulame waggoota muraasa keessatti daguuganii keessaa ba'uun rakkisaa ta'us hirmaannaa hundaatiin ni salphata.

Komishiniin Marii Biyyaalessaa haala milkaa'inaafi rakkoolee jiran ilaalchisee Kamisa darbe waltajjii marii hayyootaa mataduree, “Waliigalteefi marii biyyaalessaatiif qooda hayyootaa” jedhuun Yuunivarsiitii Finfinneetti gaggeesseera.

Komishinari Olaantuu Ittaantuun Komishinichaa Hiruut Gabrasillaasee akka jedhanitti, qaamolee hawaasaa waldhabbiin yaadaa biratti mul'atu keessaa hayyootni hangafa. Milkaa'ina marichaafis qoodnisaanii olaanaadha. Rakkoo wwan bu'uuraa furuuf marii hunda hirmaachise taasisuuf kutannoon hojjetamaa jira.

Biyyootni tokko tokko waldhabbi gidduusaanii jiru mariidhaan furachuuf yeroo hedduu walga'anii milkaa'uu dhabuurraa kan ka'e bittinnaa'aniiru. Itoophiyaan garuu ummata hubataa waan qabduuf utuma waldhabbiin bu'uura jiruu hanga har'aatti biyya taatee ittifufuu kan ibsan ammoo Pirezidaantii Eeggataa Yuunivarsiitii Finfinnee Doktor Saamu'eel Kifleeti.

Waldhabbi fuudhanii ce'uun bala waan qabuuf har'a karaa dimokraatawaan barbaachisaa ta'uu himanii; yaada fooyya'aafi gara waliigalteetti geessu gumaachuu keessatti qoodni hayyootaa olaanaa ta'uun amanamee waltajjiin marii kun qophaa'uu dubbataniiru.

Baroota hedduuf yaalii waldhabbi Itoophiyaanota gidduu jiru humnaan furuuf taasifamaa ture olaantummaa gartuu tokko malee nageenya waraa hinfidne kan jedhan waraqaa qorannoo haala qabatamaa Itoophiyaarratti kan dhiyeessan Obbo Ayyaalloo Zagayyeeti.

Akka isaan jedhanitti, rakkoon Itoophiyaa hirmaannaa qaama muraasaa qofa osoo hintaane kan qaama hundaa fedha. Rakkooleen muraasni tokko tokko imaammata jijjiiruufi murtoo siyaasaa fedhanis irrajireessisaanii hirmaannaafi murtoo ummata bal'aa fedhu.

Waldhabbiin sadarkaa hamaarra ga'uusaatiin barumsi seenaa dhaabbilee barnoota olaanaatti addaan citee ture marii bal'aa hayyootaafi Ministeera Barnootaatiin taasifameen bara 2015 irraa cegalee kennamuu jalqabuun agarsiistuu milkaa'ina marii biyyaalessaa keessaa tokko kan jedhan ammoo hayyuu biraa waraqaa qorannoo dhiyeessan Doktor Nigusuu Akliluuti.

Akka isaan jedhanitti, dhaabbilee amantaa biyyattii guguddoo lama gidduutti akkasumas paartilee morkattoota siyaasaa biyyattii gidduu waldhabbiin ture mariin goolabamuun milkaa'ina marii biyyaalessaatiif agarsiistuu birooti.

Haa ta'u malee, aadaa siyaasaa waldhaga'uu dhabuufi walshakkuun yeroo ammaa calaqqisu jijjiiramuu qaba. Jechaan walhaleeluun daran dabalaa jiraachuun ala guddatee gara haleellaa qaamaafi lubbuutti wayita ce'us hubatamaa jiraachuu Doktor Nugusuun qeeqaniiru.

Biyyootni akka Keeniyaa, Afrikaa Kibbaa, Beeniin, Kolombiyaafaa rakkoo walxaxaa isaan sakaale keessaa kan ba'an marii hawaasa bal'aa hirmaachiseen ta'uu Komishinari Komishinii Marii Biyyaalessaa Doktor Yoonas Adaayyee ibsaniiru. Biyyootni akka Sudaaniifi Yamanfaa kan marii biyyaalessaa sadarkaa guutummaatti jedhamuun mootummaan dhuunfatame gaaga'ama hamaaf saaxilamuu akka fakkeenyaatti kaasaniiru. Itoophiyaan garuu marii hunda hirmaachiseefi fakkeenyummaa qabu akka adeemsistu hubachiisaniiru.



Fiigichi Guddichi Wancii har'a adeemsifama


Finfinnee: Fiigichi guddaan Ikoo Turizimii Wancii/Dandii jedhamuufi biyya keenyatti kan jalqabaa ta'e har'a Wancitti adeemsifama.

Kaayyoonsaa atileetota biyya keessaafi alaatiif iddoo shaakalaa sadarkaasaa eeggate jiraachuu beeksisuu, akkasumas pirojektiin Maaddiin biyyaaf Ikoo Turizimii Wancii/Dandii Ispoortii turizimiif haala mijaawaa qaba.

Pirezidaantiin Federeeshinii Atileetiksii Itoophiyaa Komishinari Gargaartuun Daraartuu Tulluu ibsa gaazexessitootaaf kenniteen akka muldhistetti, pirojektiin kun wayita ijaaramu iddoowwan ispoortii sadarkaa biyyoolessaa eeggate kan ijaarame waan ta'ef guddina ispoortii atileetiksii biyya keenyaatiif faayidaa olaanaa qaba jetteetti.

Fiigicha guddaa Ikoo Turizimii Wancii/Dandii kanarratti Itoophiyaa dabalatee atileetonna beekamoon biyyoota alaa Keeniyaa, Ugaandaa, Hoggantoonni Waldaa Atileetiksii Addunyaafi keessummoonni waamichi taasifameef akka argamanis eerteetti.

Akkasumas atileetonna beekamoon biyya keessaa 300 ol, godinaalee Shawaa Kibba



Lixaafi Shawaa Lixarraa namoonni 400, atileetonna biyyaalessaa 33, daa'imman

300, ogeessonna ispoortii muuxannoo qaban 150 akka argamanis himaniiru.

Dorgommicharratti korniyaawwan lameeniinuu atileetonna tokkoffaadhaa hanga sadaffaa bahan meedaaliyaa warqii, meetii, nahaasaafi qarshii kan badhaafaman ta'us ibsiteetti.

Fiigicha Ikoo Turizimii Wancii/Dandii kanaaf walumaagalatti qarshiin miiliyoona jaha, kuma 148fi 860 ramadamuus eeranii, isa keessaa miiliyoonna tokkoofi kummi 700 atileetota mo'ataniif badhaasaaf kan oolu ta'uu ibsaniiru.

Akkasumas Fiigichi guddaan kun Federeeshinii Atileetiksii Itoophiyaa, Biiroo Dargaggoofi Ispoortii Oromiyaafi Komishinii Turizimii Oromiyaatiin kan qophaa'e ta'uu Hogganaan Biiroo Dargaggoofi Ispoortii Oromiyaa Obbo Maatiyoos Sobbooqaa beeksisaniiru.

Dorgommiin atileetiksii Wancii/Dandii kiilomeetira 10n har'a waaree dura Wancitti adeemsifamu kun Oromiyaa dabalatee dargaggoonni biyya keenyaa iddoo bashananaa akka argatan carraan banamuufisaas muldhisaniiru.

Ministirri Muummee Itoophiyaa Doktor Abiyi Ahmad Ikoo Turizimii Wancii eebbisuu hordofuun dorgommiin atileetiksii kun yeroo jalqabaatiif achitti adeemsifamuun seenaqabeessa jedhaniiru.



Biyyoonni tapha ittaanuuf darban har'a taphatu

Finfinnee: Amajjii 4 bara 2016 irraa kaasee gareewwan 24 jidduutti adeemsifamaa kan jiru walmorkiin waancaa kubbaa miilaa Afrikaa biyyoonni saddeet gulaalaa ala yoo ta'an, 16 ammoo tapha ittaanuuf darbuudhaan har'arraa kaasanii walfalmu.

Akkaataa sagantaan Konfedereeshinii Kubbaa Miilaa Afrikaa muldhisutti har'arraa kaasee Angoolaan Naamiibiyaa wajjiin, Naayijeeriyaa Kaameerun wajjin, Ikuwaatoriyaal Giiniin Giinii Bisaawu wajjin taphatu.

Akkasumas Misir Riippaabilika Dimokraatawaa Koongoo waliin, Keepvardii fi Mooritaaniyaan, Seneegaaliifi Kootdivaar, Maaliifi Burkiinaa Faasoo, Morokoofi Afrikaan Kibbaa ni taphatu.

Torbee Injifannoo atileetota Itoophiyaa

Finfinnee: Itoophiyaan sadarkaa biyyoolessaatti akaakuuwwan ispoortii hedduun hirmaatti. Isaan keessaa kan addunyaarratti kan ittiin beekamuufi qabxii olaanaas galmeessisaa turteefi jirtu atileetiksiiidhaani.

Aadaan mo'annaa ispoortii atileetiksii keenyaa kaleessaafi har'as mul'ataa jiru torban kanas biyyoota adda addaatti irra deebiidhaan mirkanaa'eera. Injifannoo kanas miidiyaaleen biyyoota adda addaa torban kun "Torban injifannoo atileetota Itoophiyaati" jechuudhaan faarsuurratti argamu.

Haaluma kanaan torban kana keessa dorgommiwwan maaraatoonii magaalota Hindii Mombaayyifi Chaayinaa Hongikoongitti adeemsifamanitti atileetonna keenya korniyaawwan lameeniinuu akkuma kanaan duraa tartiibaan galuudhaan galaana magariisaa ta'anii mo'ataniiru.

Dorgommii maaraatoonii Mumbaayitti waggaa waggaa addaan adeemsifamu kanatti Itoophiyaanonna yeroo baay'ee irra deddeebi'udhaan mo'achuu qofa osoo hintaane rikardii haaraas galmeessisuudhaan beekamu.

Dorgommii baranaas kan yeroo 19ffaa Dilbata darbe adeemsifameetti olaantummaadhaan mo'achuun olaantummaa damee ispoortii kanarratti qaban Addunyaatti agarsiisaniiru.

Fiigicha kiiloo meetira 42:195n dhiirota jidduutti adeemsifameen abbaan rikordii haaraa bakkichaa bara darbee Lammii Biraanuu ammas irra deebiidhaan tokkoffaa



Abarraash Minsaawoo

ba'uun mo'ateera. Lammiin sa'aatii kana kanaan dura qabamee ture, sa'aatii 2:07.32 daqiiqaa tokkoon fooyyesseera.

Maaraatonniwwan Bostan, Zuriikiifi Dubaay fa'itti kan mo'ate atileetiin kun, ALA bara 2019 irraa kaasee sababa miillisaa dhukkubeef dorgommiirraa fagaatee turus ammaan tana ammoo dandeettii olaanaadhaan gara dorgommiitti deebi'eera.

Dargageessi umurii 29 Lammii Biraanuu maaraatonni Mumbaayii kana mo'achuusaatti doolaara kuma 50 fudhateera. Dorgommii kanarratti atileet Hayimaanoote Alamuu sa'aatii 2:09.03n raawwachuudhaan lammaffaa, Mitikkuu Xaafaa sakandii muraasaan durfame sadaffaa ba'eera.

Fiigicha maaraatoonii dubartoota jidduutti adeemsifameenis atileetonna Itoophiyaa

Iffaa hanga 9ffaa ba'uun mo'achuusaaniitti akkuma kanaan duraa daawwataa atileetiksiiirraa dinqisiifannaa argataniiru.

Dorgommii kanatti atileet Abarraash Minsaawoo sa'aatii 2:26.06 tokkoffaa ba'uudhaan, atileet Muluhaabit Tsaggaa sa'aatii 2:26.51n lammaffaa, atileet Madihin Dajanee sadaffaa ta'uun mo'ataniiru.

Akkasumas Waldaa Federeeshinii Atileetiksii Addunyaa "IAAF"n sadarkaa warqitiin kan beekamu maaraatonniin Hongi kongi kan atileetonna kuma 70 ta'an irratti qooda fudhatanitti dubartootaan Madiinaa Damee sa'aatii 2:28.47n raawwachuudhaan mo'ateetti.

Dorgommii kanatti atileetonna Keeniyaa Baatiriis Cheeptoo lammaffaa, Gaaddisee Muluufi Muliyyee Dhaqqaboo Itoophiyaarraa sadaffaafi afraffaa ta'uun mo'ataniiru.